Afaan Oromoo

Kitaaba Barattootaa

Kutaa 10

Barreessitoota

Damee Abarraa

Darajjee Akkasaa

Kidaanee Wadaajoo

Gulaaltota

Waaqtolaa Gannatii

Xilaahun Guyyaasaa

Madaaltota

Abdiisaa Gannatii

Dastaa Taaddagaa

Waaqumaa Waamii

Yaneenash Saamu'eel

Ogeessa giraafiksii

Taaddasaa Dinquu

Ogeessa giraafiksii

Uzaaayyoo Girmaa

Gaarummaa Abdiisaa (PhD)

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Mattuutiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan yookaan maxxansuus ta'e, baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

BAAFATA

MATADUREE **FUULA**

BOQONNAA TOKKO: AFAANIIFI HAWAASA.....1

BOQONNAA LAMA: DUBARTOOTAAFI MISOOMA.....13

BOQONNAA SADI: AADAA FUUDHAAFI HEERUMAA.....24

BOQONNAA AFUR: DANOOMINAAFI TOKKUMMAA.....38

BOQONNAA SHAN: QAREEYYII.....48

BOQONNAA JAHA: GAHEE MANGUDDOOTAA.....57

BOQONNAA TORBA: ASOOSAMA DHEERAA.....71

BOQONNAA SADDEET: MIIDIYAA HAWAASAA.....79

BOQONNAA SAGAL: HOJII UUMMACHUU.....92

BOQONNAA TOKKO:AFAANIIFI HAWAASA

Bu'aalee barachuu

Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- odeeffannoo dhageeffatte addaan nibaafatta;
- marii gaggeessuun afaaniin nigabaasta;
- yaada ijoofi callaa keeyyattootaa adda nibaafta;
- dubbiiwwan qolaa fayyadamtee barreeffama nibarreessita;
- keeyyata ga'umsa qabu nibarreessita;
- jechoota tishoo fayyadamuun hima ijaarta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Dhaggeeffachuun Dura

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa mata dureen isaa "Afaanota Addunyaa" jedhu osoo hindhaggeeffatin tilmaamaan deebisi.

1. Afaanonni addunyaa kanarratti dubbataman meeqa sitti fakkaatu?
2. Afaan Oromoo, afaanota Afrikaa keessaa baay'ina dubbattootaatiin sadarkaa meeqaffaarra jira jettee yaadda?
3. Afaan addunyaa irratti dubbattoota danuu qabaachuudhaan sadarkaa tokkoffaarra jiru kami? Dubbattoota meeqa qaba sitti fakkaata?
4. Afaanonni addunyaa irratti dubbataman hundi isaanii qubee ittiin barreeffaman qabu jettee yaaddaa? Maaliifi?

B. Hiika jechoota armaan gadii irratti gareedhaan mari'adhaa.

1. looga 2. odola 3. xiinqooqa

Gilgaala 2. Yeroo dhaggeeffachuu

Gaaffilee armaan gadii barreeffama siif dubbifamu dhaggeeffachaa akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Baay'inni afaanota addunyaa irratti dubbatamanii gara 60,000 ta'u.
   A. dhugaa B. soba
2. Afaanota sadarkaa Afrikaatti dubbatamaa jiran keessaa Afaan Oromoo meeqaffaarra jira?
   A. tokkoffaa C. afraffaa
   B. lammaffaa D. sadaffaa
3. Afaan _____, kan biyya Chaayinaatti dubbatamu qofti dubbattoota gara 874,000,000 ta'an qaba.
4. Afaan Ingilizii kan dubbattoota 341,000,000 qaba jedhamu sadarkaa addunyyaatti_____ irratti argama.
5. Dhuma jaarraa 20^{ffaa} keessa afaanonni biyya Awustiraaliyaa _____ ta'an du'arraa akka baraaraman ta'ee ture.

Gilgaala 3. Dhaggeeffachuun Booda

Gaaffilee armaan gadiitiif dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uudhaan deebisi.

1. Afaanota biyyoota addunyyaarra jiran keessaa dubbattoota hedduu qabaachuudhaan sadarkaa 1-3tti jiran barreessi.
2. Afaanonni afaan barreeffamaa hintaane jiru. Sababni isaa maaliif sitti fakkaata?
3. Uummatni Chaayinaa gara biliyoonaatti dhiyaatu afaan tokko dubbatu; Itoophiyaa keessatti garuu, afaanota 80 oltu dubbatama. Garaagarummaan kun maaliif ta'e sitti fakkaata?
4. Yaadota ijoo barruu dhaggeffatterraa hubatte tarreessi.

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4. Marii

Gaaffilee armaan gadii irratti gareedhaan mari'achuun yaada marii keessanii dareef dhiyeessaa.

1. Guddina afaaniif haalli mijachuu qabu maal isinitti fakkaata?
2. Afaanonni akka walqixa hinguddanne maaltu taasisa?
3. Afaan tokko akka hinduune taasisuuf maaltu hojjetamuu qaba jettu?
4. Afaan akkamitti eenyummaa hawaasa tokkoo ibsa jettanii yaaddu?

Barannoo 3: Dubbisuu

Gilgaala 5. Dubbisuun Dura

A. Gaaffilee armaan gadii mataduree dubbisa "Afaaniifi Hawaasa" jedhuun dhiyaate osoo hindubbisin deebisi.

1. Afaan maali?
2. Afaaniifi hawaasni hariiroo akkamii qabu sitti fakkaata?
3. "Afaan baataa aadaa hawaasaati," jechuun maal jechuudha?

B. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

1. qunnamtii 2. mallattoo 3. hayyuu

Gilgaala 6. Yeroo dubbisuu

Dubbisa itti aanee jiru dubbisaa yaada argattu irratti hundaa'uudhaan himoota armaan gadii dhugaa yookaan soba jechuun deebisi.

1. Afaaniin kan waliigalu dhala namaa qofa.
2. Afaan riqicha miseensa hawaasaa hunda walitti fiduudha.
3. Namni Afaan Oromoo dubbatu hundi Oromoodha.

4. Aadaan saba tokkoo afaan isaatiin ibsama.
5. Afaan hawaasa malee hawaasnis afaan malee jiraachuu hindanda'u.

Afaaniifi Hawaasa

Dhuftee afaanii ilaalchisee hayyoonni yaadolee adda addaa kennan. Fakkeenyaaf, akka hayyoota amantiitti afaan Waaqatu uume. Akka hayyoota saayinsii uumamaatti ammoo, afaan bu'aa jijjiirama suuta suutaati (evolution). Haaluma walfakkaatuun, hayyoonni dirree qo'annoo adda addaa irratti bobba'an maalummaa afaanii ilaalchisuunis ibsa adda addaa yoo kennan nimul'atu. Akka hayyoota xiinqooqaatti, afaan tuuta sagalootaati. Kana jechuun, sagaloota seeraan qindaa'nitu afaan ta'e jechuudha. Kanneen tajaajila inni kennuun ibsanis jiru. Yaada kana irratti warreen sagaloota irraa uumamuu isaa ibsanis walii galu. Afaan kan dhala namaa ta'uudhaan faayidaa kana kennuu irrattis akkasuma. Kan dhala namaati jechuun ammoo, kan hawaasaati jechuudha. Hawaasni afaanitti gargaaramuudhaan yaada waljijjiira. Kanaafuu, afaan tokko hawaasa isaatiif meeshaa qunnamtii, mallattoo eenyummaafi mankuusa aadaati jechuun nidanda'ama.

Akka hayyootni qunnamtii ibsanitti, afaan meeshaa *qunnamtiiti.* Kunis, yaada waljijjiiruuf yookaan odeeffannoo namoota lamaafi lamaa ol ta'an gidduutti qooduuf gargaara. Haala qabatamaa hawaasni keessa jiru keessatti qunnamtiin kun afaaniin raawwatama. Kana irraa kan ka'e, afaan meeshaa hawaasni tokko gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, argachuufi dhabuufi kkf ittiin ibsatu jechuudha. Hawaasni afaan walii beeku walirraa bitee walitti gurgura. Mari'atee waliigala; dubbatee wal'araarsa; barsiisee walqaroomsa. Haalli kun, dhimmoota dhala namaa adda taasisan keessaa isa tokko. Hawaasa keessatti namni tokko nama biroo wajjin, hawaasa wajjin, hawaasnis nama tokko ykn hawaasa biroo wajjin kan ittiin waliigalu

afaaniini. Kanaafuu, afaan *riqicha* miseensa hawaasaa hunda walitti fidu jechuun nidanda'ama.

Akka hayyootni xiinqooqa hawaasummaa ibsanitti ammoo, afaan mallattoo *eenyummaa* hawaasa tokkooti. Afaan tokko sadarkaa tokkoffaatti kan fayyadamu, dubbataa afaanichaati;. Kana irraa kan ka'e, namni tokko afaan tokko yeroo dubbatu akka miseensa saba afaanicha dubbatuu ta'etti ilaalama. Fakkeenyaaf, namni hawaasa afaan biraa dubbatu tokko keessa dhaabbatee nama Afaan Oromoo dubbatu tokko arge, dafeeti "Namichi sun Oromoodha," jedha. Kunis, Afaan Oromoo mallattoo hawaasa Oromoo ta'uu mul'isa. Garuu, namichi Afaan Oromoo dubbate sun Oromoo ta'uu dhiisuu danda'a.

Kana malees, akka hayyoonni afaaniifi aadaa ibsanitti, afaan meeshaa aadaan hawaasa tokkoo ittiin ibsamu. Kanaafuu, afaan akka *mankuusa* yookaan *baataa* aadaa hawaasa afaan sanaatti gargaaramutti lakkaa'u. Kana jechuun, afaan tokko seenaa, qaroomina, falaasama, aadaa, jiruufi jireenya, amantiifi kkf hawaasaa of keessaa qaba jechuudha. Kana irraa kan ka'e, namni afaan hawaasa tokkoo qoratu dhimmoota akkanaafi kanneen kana fakkaatan afaanicha keessatti arguu danda'a jedhama.

Walumaagalatti, afaaniifi hawaasni hariiroo cimaa akka qaban hubachuun nama hindhibu. Hawaasni tokko yeroo barnoota, diinagdeefi teknoojiidhaan guddatu afaan isaas bifuma olitti ibsameen tajaajila mara kennuuf wajjin niguddata. Eenyummaafi aadaan, seenaafi falaasamni jireenya isaa afaan isaa keessa waan jiraniif ogafaaniifi barreeffama afaanichaan jiran kunuunsuun barbaachisaadha. Kana ammoo, hawaasatu hojiirra oolcha. Kana irraa kan ka'e, afaan hawaasa malee hawaasnis afaan malee, jiraachuu hindanda'u jechuudha.

Gilgaala 7. Dubbisuun Booda

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisicha irratti hundaa'uudhaan akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Hayyoonni xiinqooqaa afaan akkamitti ibsu?
2. Hayyoonni, "Afaan odeeffannoo namoota lamaafi lamaa ol gidduutti qooduuf gargaara" kan jedhan _____ti.

   A. hayyoota xiinqooqaa C. hayyoota afaaniifi aadaa

   B. hayyoota xiinqooqa hawaasummaa D. hayyoota qunnamtii

3. Afaan sadarkaa tokkoffaatti eenyu fayyada?

   A. Saba afaanicha akka afaan lammaffaatti dubbatu

   B. Mootummaa biyyicha bulchu

   C. Saba afaan sana akka afaan tokkoffaatti dubbatu

   D. Hunda

4. Afaan mankuusa aadaa hawasaati jechuun maalii?

   A. Jiruufi jireenya hawaasaa qabata.

   B. Mana qabeenya itti kuufatan.

   C. Kuufama qaroomina hawaasaati.

   D. "Afi C"n deebii ta'u.

5. "Afaan riqicha hawaasa walitti fidudha," yeroo jedhu maal jechuu akka ta'e ibsi.
6. Yaada hayyoonni dirree qo'annoo adda addaa afaaniifi hawaasa irratti qaban barreessi.

7. Afaan osoo hinjiraannee hawaasni maaliin walqunnama sitti fakkaata? Akkamitti?
8. Guddinni diinagdeefi guddinni afaanii hariiroo akkamii qabu jettee yaadda? Fakkeenya kennuun ibsi.

B. Yaada ijoo keeyyattoota dubbisa olitti dhiyaatee barreessi.

Fakkeenyaaf,

Keeyyata 1ffaa: Afaan tokko, hawaasa isaatiif meeshaa qunnamtii, mallattoo eenyummaafi mankuusa.

1. Keeyyata 2 ffaa :_____
2. Keeyyata 3 ffaa :_____
3. Keeyyata 4 ffaa :_____
4. Keeyyata 5 ffaa:_____

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8. Dubbiiwwan Qolaa Fayyadamuu

A. Dubbiiwwan qolaa himoota gadii keessatti dhiyaatan akaakuu isaanii erga eerteen booda hiika isaanii barreessi.

Fakkeenyaaf:

Ilkaan ishee akka aannaniitti addaata.

Gosa: Akkee/akkasaa

Hiika: Ilkaan ishee qulqulluufi adiidha.

1. Tulluu nana, gadi naaf jedhi.
2. Of jajjuun loon lamaa tikseen kudha-lama.
3. Koomeen ishee ancootee fakkaata.
4. Qoree hamma hordaa ga'utu na waraane.
5. Iji ishee bakkalcha bariiti.

6. “Hamma ija kootii maaltu naaf kajeela?” jette, sareen.
7. Ni’ilaala; hinargu.
8. “Kunuu warri rafnaan,” jette sareen.
9. Furdinni isaa mana hinseensisu.

B. Himoota dubbiiwwan qolaa of keessaa qabaniin miidhaginni Haroo Wancii akkamitti akka ibsame ilaali.

Haroo Wancii

- Gaarreewwan bosonaan marfameera.
- “Na ilaali, na ilaali!” namaan jedha.
- Boca golboo waciitii fakkaatu qaba.
- Bifti isaa cuquliisa.
- Allaattotaafi bineensota xixiqqoo achitti argaman yaa’ii bineensotaa kan taa’an fakkatu.
- Daandiiwwan marfatoo bosonaan dabaalamantu gara harichaatti geessa.
- Bataskaanni handhuura haroo sanaatti argamu faaya dabalataa ta’eeraaf.
- Odolawwan xixiqqoon keessatti argaman waan namni harkaan boce fakkaatu.

Haroon Wancii, Shawaa Kibba Lixaa, Aanaa Wancii, ganda Haroo Wanciitti kan argamu, haalli uumama isaa baay’ee ajaa’ibsiisa. Haroon kun, gaarreewwaniin marfamee, bosonaan haguugamee, nama gaararra dhaabbatuun, “Na ilaali, na ilaali!” jedha. Gaarreewwan haricha marsaanii jiran waan waardiyyaa dhaabbatan fakkaatu. Daandiiwwan marfatoo bosonaan dabaalamantu gara harichaatti geessu. Miidhagina isaa yeroo ilaalan, harki Rabbii kan walcaalchisu fakkaata. Boci haroo kanaa waciitii; bifti isaas cuquliisa. Nama qarreerra dhaabatee asii gadi ilaaluuuf waan samiin lafa bu’ee nama ilaalu fakkaata. Allaattotaafi bineensota xixiqqoo

achitti argaman yaa'ii bineensotaaf kan ba'an fakkaatu. Kana malees, Bataskaanni handhuura haroo sanaatti argamu faaya dabalataa ta'eeraaf. Odolawwan xixiqqoon haricha keessatti argamanis waan namni harkaan boce fakkaatu. Yeroo bira ga'amus ilaalamee hinquufamu! "Hingaliin, hingaliin!" namaan jedha. Walumaagala, namni haroo kana daawwatu, hojii uumaa Waaqayyoo dinqisiifatee hinfixu.

C. Himoota yookaan gumee armaan gadii fayyadamuun keeyyata miidhagina Caaltuu ibsu barreessi.

- Rifeensi mataa ishee bissii garbuu fakkaata.
- Nyaarri ishee kan ogeessi itti dadhabee kuule fakkaata.
- Iji ishee bakkalcha bariiti; dukkana dhabamsiisa.
- Konkonni funyaan ishee seenxiidha.
- Maddiin ishee burtukaanuma.
- Hidhiin ishee goraa diimateedha.
- Ilkaan ishees aannani, gorora coccobsiisa.
- Morma sattawwaa fakkaatu qabdi.
- Guntunni ishee kan utaalee ba'uuf ka'u fakkaata.
- Mudhiin ishee qabaa hinguutu.
- Sarbaan ishee nama hawwata.
- Koomeen ancooteedha.

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9. Hiika Galumsaa

A. Jechoota dubbisa "Afaaniifi Hawaasa" jedhu keessatti mirgadeeffamanii barreeffamaniif hiika galumsaa barreessi.

Fakkeenyaaf:

a. Afaan *tuuta* sagalootaati.

tuuta = gurmuu

b. Afaan meeshaa *qunnamtii*ti.

qunnamtii = waliigaltee ykn yaada waljijjiiruu

1. *riqicha* (Keeyyata 2) _____
2. *mankuusa* (Keeyyata 4) _____
3. *eenyummaa* (Keeyyata 3) _____
4. *baataa* (Keeyyata 4) _____
5. *ogafaan* (Keeyyata 5) _____

B. Jechoota himoota gadii keessatti mirgadeeffamaniif hiika galumsaa barreessi.

Fakkeenyaaf,

a. Abdiin oobdii *soqe*.

soqe = walqixxeesse

b. Poolisiin hatticha mandara keessa *soqe*.

soqe = barbaade

1) a. Mootiin ganamaan ka'ee muka muruuf qarree deeme.

b. Intalli Obbo Dhaabaa *qarree* haaddatte.

2) a. Oromoon *dhaha* mataasaa qaba.

b. Rakkoo isaaf yeroo hunda mala *dhaha*.

3) a. Obbo Bulchaan *harree* wadala tokko qaba.

b. Aniifi obboleetiin koo kosii *harree* ganne.

4) a. Fardi sakaallaa *kute*.

b. Amansiisaan ganamaan gara Finfinneetti *kute*.

5) a. Nyaanni ati naaf kennite *badaa* na hinquubsine.

b. Foon kun foolii *badaa* qaba.

6) a. Roobaan gaagura *buusaa* jira.

b. Jaarsi *buusaa* koo hunda na dhukkuba jedhe.

Barannoo 6: Caasluga

Gilgaala 10. Jechoota tisheessuu

A. Fakkeenyota kennaman irratti hundaa'uudhaan jechoota itti aananii jiran tisheessuudhaan barreessi.

Fakkeenyaaf:

a. a. jala + bultii = jalbultii

b. yaada + sammuu = yaadsammuu

1. saree + diida = _____
2. aadaa + malee = _____
3. saba + lammii = _____
4. baddaa + daree = _____
5. mataa + hima = _____
6. miila + jala = _____
7. xiinxala+ qooqa = _____
8. afaan + makuu = _____
9. milkii + dhabaa = _____
10. kutaa + barruu = _____
11. mataa + jabaa = _____
12. ala + erguu = _____

B. Jechoota tishoo "A" jalatti barreessite gargaaramii himoota sirrii ta'an ijaarii daree keetiif dhiyeessi.

BOQONNAA LAMA: DUBARTOOTAAFI MISOOMA

Bu'aalee Barachuu

Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- dubartootaafi misooma irratti miidiyaalee garagaraa dhaggeeffachuun yaada dubbattootaa nimadaalta;
- yaada murtaawaa adda baafachuuf saffisaan nidubbista;
- dhimma dubartootaafi misoomaa irratti afgaaffii nigeggeessita;
- afgaaffii gaggeessite afaaniin nigabaasta;
- yaada goolabaa barruu keeyyata tokkoon nicuunfita;
- himoota salphaa, dachaafi xaxamaa ijaaruun dhimma itti baata;

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Dhaggeeffachuun Dura

A. Dhimmoota dubartootaafi misoomaa irratti miidiyaalee garagaraa (TV, Raadiyoo, Yuutuubii, Feesbuukiifi kkf) irraa yaada dubbattootaa dhaggeeffachuun qabxiilee armaan gadii irratti hundaa'uudhaan madaali.

1. Mata dureen isaa maali?
2. Dubartoonni hirmaatan eenyufaadha?
3. Hojii misoomaa akkamii hojjatan?
4. Milkaa'inni argame maali?
5. Maal irraa baratte?

B. Dhaggeeffachuun dura hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

1. jigii 2. laayyoo 3. haguuguu 4. hinkoo

Gilgaala 2. Yeroo Dhaggeeffachuu

Gaaffilee armaan gadii barreeffama siif dubbifamu dhaggeeffachaa akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Gabaasni Dhaabbata Biyyoota Gamtoomanii akka ibsutti, guddina diinagdee addunyaa keessatti, dubartoonni humna oomishaa isa guddaa _____ haguugu ta'uu ibsa.
2. Qorannoon akka ibsutti, dubartootni oomisha hojii qonnaa keessatti gahee hanga _____ kan qaban akka ta'e eerama.
3. Gaheen dubartoonni hawaasummaa keessatti gama ijoollee kunuunsuutiin taphatan maal maali?
4. Dubartoota hojii tola-ooltummaa hojjachuudhaan sadarkaa addunyyaatti maqaa dhahaman tarreessi.
5. Dubartoonni guddina misooma biyya tokkoof _____ jechuun nidanda'ama.

Gilgaala 3. Dhaggeeffachuun Booda

Odeeffannoo dhaggeeffachuun argatteefi muuxannoo kee irratti hundaa'uudhaan gaaffilee itti aananii jiran afaaniin deebisi.

1. Akka biyya keenyaatti dubartiin misooma keessatti hirmaachuudhaan fakkeenya taate eenyu? Maal hojjachuudhaani?
2. Akka naannoo keetti dubartoonni haala kamiin misooma keessatti hiramaachaa jiru?
3. Dubartoonni misooma biyya tokkoo keessatti osoo hirmaachuu baatanii maaltu ta'a jetta?

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4. Afgaaffii Gaggeessuu

A. Qabxiilee armaan gadii ka'umsa taasifachuun dubartoota naannoo keetti misooma keessatti hirmaannaa olaanaa qaban keessaa tokko waliin afgaaffii adeemsisuudhaan odeeffannoo walitti qabi.

- Maqaa
- Sadarkaa barnootaa
- Waan hojjatan
- Bu'aa argame
- Fuulduratti maal hojjachuu barbaadde

B. Odeeffannoo afgaaffii adeemsisuun walitti qabatte qindeessuun afaaniin dareef dhiyeessi.

Yaadannoo

Afgaaffii yommuu gaggeessitu qabxiiwwan armaan gadii ilaalcha keessa galchuu hindagatin.

a. Of qopheessuu,
b. Gaafatamtuu kabajuu; fuula ifaan ilaaluu,
c. Dandeettii gaafatamtuu adda baafachuu,
d. Waan gaafachuu qabdu dursitee beekuu,
e. Waan gaafattu barreeffamaan harkatti qabachuu,
f. Gaaffii ifa ta'e gaafachuu,
g. Sirriitti dhaggeeffachuu,
h. Gaaffiin kee hubatamuu isaa mirkaneeffachuu,
i. Waan siif deebi'u sirriitti yaadannoo qabadhu,
j. Yeroo fayyadamuu.
k. Dhumarratti galateeffachuun xumuruu.

Barannoo 3: Dubbisuu

Gilgaala 5. Dubbisuun Dura



A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa gaditti dhiyaate osoo hindubbisin gareen irratti mariyachuun dareef ibsaa.

1. Fakkiilee olii irraa maal hubattu?
2. Hojii qonnaafi horsiisa bushaayeetiin milkaa'uun nidanda'amaa? Akkamitti?
3. Waa'ee Aagituufi hojiiwwan ishee maalfaa beektu?

B. Hiikaa jechootaafi gaaleewwan armaan gadii tilmaami.

1. bu'aa aannanii 2.jireenya qannoo 3. idil-addunyaa 4. koolu-galtummaa

Gilgaala 6. Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiilee armaan gadii seeneffama "Aagituu" gaditti dhiyaate dubbisaa deebisi.

1. Aagituun mana barnootaa sadarkaa tokkoffaa _____fi sadarkaa lammaffaa_____tti baratte.
2. Aagituun Xaaliyaaniitti Yuunivarsiitii _____tti barnoota _____ baratte.

3. Aagituun hojii qonnaatiin milkaa'uun akka danda'amu maalirraa hubatte?

   A. Barnoota baratte irraa

   B. Akaakayyuu ishee irraa

   C. Muuxannoo biyya Xaaliyaaniitii argatterraa

   D. Fedhiifi muuxannoo

   E. hunda

4. Miidiyaaleefi ogeeyyiin siyaasaa biyya Xaaliyaanii maal jechuun Aagituu jajaa turan?

5. Hojiiwwan Aagituun badhaasaafi beekamtii idil-addunyaa akka argattu taasisan maal faa'i?

B. Taateewwan seenaa Aagituun walqabatanii gaditti kennaman bara itti raawwatan saanduqa keessaa filachuun agarsiisi.

2013	1970	1988	1987	2002

1. Magaalaa Finfinneetti dhalatte.
2. Barnoota sadarkaa lammaffaa xumurte.
3. Carraa barnootaa biyya Xaaliyaaniitti argatte.
4. Agituun gara biyya Xaaliyaaniitti kooluu galte.
5. Aagituun niboqotte.

Aagituu Ida'oo

Dubartoonni Oromoo akka addunyaatti fakkeenyummaa qaban hedduudha. Isaan keessaa Aagituu Ida'oo ishee tokko. Aagituun, abbaa ishee Obbo Ida'oo Guddataafi haadha ishee Aadde Ilfinash Takkaa irraa Amajjii 23, bara 1970 magaalaa Finfinneetti dhalatte. Barnoota sadarkaa tokkoffaa achumatti mana barnootaa Gadaame Sitaawuyaan Tsiyoon Maariyaam jedhamutti baratte. Sadarkaa lammaffaa ammoo, mana barnootaa Yakkaatit 12 jedhamutti bara 1987 qabxii olaanaa galmeessisuun xumurte.

Kana booda, bara 1988 carraa barnootaa argattee, biyya Xaaliyaanii deemuun Yuunivarsiitii Tireentinootti barnoota Soosholoojiin barattee xumurte. Aagituun barnoota ishee kana erga xumurtee, jireenya qannoo biyya Xaaliyaanii dhiiste gara biyyaatti deebi'uun bushaayee horsiisuufi hojii qonnaa irratti bobba'uun hojii ummattee dinagdee ishee guddisuu akka qabdu murteeffatte. Bu'uurri kanaa ammoo, fedhiifi muuxannoo jireenya akaakayyuu ishee baadiyyaa jiraatan irraa horatte akka ta'e dubbatama.

Aagituun hojiin qonnaa akka biyya keenyaatti xiyyeeffannaa hinargatin kun madda gammachuufi boqonnaa sammuu ishee ta'uu akka danda'u hubatte. Ittaansuun, haala maashinii xixiqqaadhaan hojii dirree kanaa hojjachuun danda'amu mijeessuu eegalte. Qonnaan bultootas gurmeessitee leenjisuun deeggaruu jalqabde. Haata'u malee, abjuun ishee kun biyya keessatti milkaa'uu hindandeenye. Weerara lafaa naannoo Finfinneetti bara 2002 taasifameetu jalaa gufachiise. Yeroo sanatti bakki isheen abjuu ishee kana itti milkeessuuf yaadde, lafti qabiyyee maatii ishee ta'e, misoomaaf jedhamee irraa fudhatame.

Kana irraa kan ka'e, Aagituufi namoonni akka ishee weerara lafa isaan irratti gaggeeffame mormachuuf hiriira nagaa ba'an. Haalli kunis, namoota yeroo

sana aangoo siyaasaatiin machaa'anii lafa abbaa qabu saamsisuutti bobba'aniif mataa bowwoo ta'e. Kun ammoo, hidhaafi gidiraan namoota hiriira nagaa ba'anirratti akka cimu taasise. Sababuma kanaan Aagituun magaalaa Finfinnee gadhiiftee, bara 2002 osoo hinjaallatin biyya Xaaliyaaniitti godaante.

Aagituun biyya Xaaliyaanii deemtee jireenya koolu-galtummaa gaafatte. Boodarra, eeyyama argattee Xaaliyaanii Kaabaa kutaa bulchiinsa Tireentinoo naannoo baadiyyaa Alpiis jedhamu qubatte; achitti wal'aansoo jireenya baqattummaatti seente. Sana booda, fedhii misooma qonnaafi horsiisaa keessa ishee ture akka dhugoomsuu dandeessu hubatte. Kanarraa ka'uun, lafa hojii kamiifuu hinoolle bitachuun hojii re'oota horsiisuu eegalte. Jalqaba irrattis, re'oota 15 qofaan jalqabde. Boodarra obsaafi xiiqii jireenya injifachuu qabdu galaa taasifattee, waggoota muraasa keesatti gara re'oota 180tti ol guddifatte. Re'oota ishee guddoo waan jaalattuuf, tokko tokkoon isaaniitiif maqaa baastee ittiin waamaa turte.

Aagituun umurii waggaa kudhan hinguunne keessatti hoji uumtuu dinqisiifatamtuu taate. Gosa re'ootaa Teeta;monikaa jedhamu addunyaarraa baduuf ka'e horsiisuudhaan kan eegalte misooma bu'aa aannan isaaniitiin milkaa'ina addaa gonfatte. Magaalaa Tireentinoo keessattis "Baaduu Faranjii' jedhamu oomishuun beekamte. Akkasumas, Dhaabbata Re'ee Gammadoo (The Happy Goat) jedhamu hundeessuun oomisha dibata garaagaraa waan oomishiteef, xiyyeeffannoo miidiyaalee addunyaa gurguddaa argatte.

Aagituun ogummaa ishee kana daran fooyyeffachuufis gara biyya Faransaayi deemtee barnoota hedduu baratte. Beekumsa argatteenis, hojii ishii caalaatti babal'isuun akaakuu oomishaa bu'aalee qonnaafi horsiisa re'ootaa jalqabde gara 15tti ol guddifatte. Horsiisa re'ootaafi qonna kuduraafi muduraa

gaggeessituun malee kunuunsa naannoo taasiftuun sadarkaa idil-addunyaatti beekamtii guddaa argatte. Miidiyaalee Xaaliyaaniifi ogeeyyii siyaasaa biyya sanaan "Goota eegumsa naannoo, hawaasa Xaaliyaaniifi akkayya baqattoota milkaa'anii" jedhamtee jajamte. Milkaa'ina hojii ummachuufi kunuunsa naannootiin caalaatti dinqisiifatamuun badhaasawwan hedduu argachaa turte. Akkasumas, nama biyya ambaa haala baqattootaaf hinmijanne keessatti jireenya milkiifi gammachuu qabu jiraatte jedhamte.

Walumaagalatti, Aagituun dubartii cimtuu, bu'aa ba'ii dheeraa keessatti hojii fakkeenyummaa guddaa qabu hojjachuun jireenya ishee injifatte ta'uun akka addunyaatti beekamte. Haata'u malee, inaaffaa milkaa'ina ishee irraa kan ka'e, doorsisniifi sodaachisni darbee darbee irra dhaqqabaa dhufe. Kanas miidiyaaleefi maatii isheef ibsaa turte. Dhumarrattis, Mudde 20, 2013 umurii ishee waggaa 42tti lubbuun ishee harka namaan darbe. Sirni awwalchaa isheess Amajjii 5, 2013 magaalaa Finfinneetti gaggeeffame.

Gilgaala 7. Dubbisuun Booda

Gaaffilee armaan gadii dubbisa olitti dhiyaate irratti hundaa'uun deebisi.

1. Aagituun barnoota biyya Xaaliyaanii erga xumurteen booda biyyatti deebitee maal hojjachuuf yaaddee ture?
2. Oromiyaatti hojii horsiisa bushaayee ammayyeessuun yoo hojjatan, bu'aa akkamiitu argama jettee yaadda? Akkamitti?
3. Seenaa Aagituu irraa maal baratte?

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8. Cuunfaa Seenaafi Mammaaksota Barreessuu

A. **Suuraalee gaditti kennaman bu'uura taasifachuun cuunfaa seenaa Aagituu hojii ummachuun walqabatu keeyyata tokkoon barreessi.**



A



B



C



D



E

- **B. Gumee kenname irratti hundaa'uun seenaa dhuunfaa dubartii naannoo keetti hirmaannaa misoomaatiin beekamtu tokkoo barreessi. Yoo naannoo keetii dhabde immoo madda adda addaa irraa odeeffannoo fudhachuudhaan barreessii dareef dhityeessi.** Maqaa
- Baraafi bakka dhalootaa
- Sadarkaa barnootaa
- Dirree misoomaa irratti hirmaatte
- Bu'aa ba'ii jireenya ishee
- Milkaa'ina ishee

C. Ergaa mammaaksota armaan gadii barreessi.

Fakkeenyaaf:

Mammaaksa: Haatiifi bishaan badduu hinqabdu.

Ergaa: Haatiifi bishaan faayidaa guddaa kan qaban tahuu agarsiisa.

1. Dubartii dura laga hince'an.
2. Haadhaafi lafatu nama danda'a.
3. Haati ofii dullattii hinqabdu.
4. Dubartiifi loon malee qe'een hinbareedu.
5. Kabajni ilma namaa dubartiidha.

D. Mammaaksota dubartootaa leellisan kudhan 10 barreessuudhaan ergaa isaanii dareef dhiyeessi.

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9. Hiika Faallaa

A. Jechoota armaan gaditti dhiyaataniif hiika faallaa isaan dubbisa keessatti qabanii barreessi.

1. jalqabde 2. gonfatte 3. jajamti 4. ambaa 5. gammachuu

B. Jechoota hiika faallaa qaban kudhan barreessuun dareef dhiyeessi.

Barannoo 6: Caasluga

Gilgaala 10. Himoota Salphaa, Dachaafi Xaxamaa

A. Himoota armaan gadii keessaa himoota salphaa, dachaafi xaxamaa adda baasi.

Fakkeenyaaf:

a. Oromiyaan biyya Oromooti. (*Hima salphaa*)

b. Caalaan huccuu dhahee gurgure. (*Hima dachaa*)

c. Bokkaa cimaa waan roobeef, midhaan balleesse. (*Hima xaxamaa*)

1. Abdiifi Mootiin ollaa jiraatu.
2. Erga ani Boorana ga'ee, Badhoon dhufe.
3. Hinsarmuun gufuu buqqisee daandii baase.
4. Oromiyaan gosa bineensotaa hedduu qabdi.
5. Mana barnootaa yeroo deemtu, na waami.
6. Inni sanyii facaase.
7. Qajeelaan Jimma deemee deebi'e.
8. Erga bilbilaan na lolee, itti hindubbadhu.
9. Lattuufi Lachiisaan maatiidha.
10. Abdiin daldalaadha; Boonaan immoo, qonnaan bulaadha.

B. Himoota salphaafi dachaa ta'an sadi sadii barreessii dareef dubbisi.

C. Himoota xaxamaa ta'an shan barreessii barsiisaa keetti agarsiisi.

BOQONNAA SADI: AADAA FUUDHAAFI HEERUMAA

Bu'aalee barachuu

Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- haasaa nama biroo dhaggeeffachuun yaaddeebii nikennita;
- dhimma tokko irratti falmii nigaggeessita;
- barruu dhiyaate dubbisuun yaada isaa nihimta;
- tarsiimoowwan garagaraa fayyadamuun barruu dheeraa nibarreessita;
- jechoota teknikaafi barnootaa akkaataa galumasaatiin nihiikta;
- himoota himamsaa, gaaffii ajajaafi raajeffannoo nibarreessita.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1. Dhaggeefachuun Dura

Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Akaakuun fuudhaafi heerumaa naannoo keetti beekaman maal fa'i?
2. Sirna fuudhaafi heerumaa "Hawwii" jedhamu beektaa? Yoo beekte haala kamiin akka raawwatamu hiriyoota keetti himi.

Gilgaala 2. Yeroo Dhaggeeffachuu

A. **Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa himoota armaan gadii guuti**.

1. _____gosa fuudhaafi heerumaa Oromoo Maccaa biratti iddoo guddaa qabu.
2. Borumtaa intalli gurbaatti baddee warri gurbaa _____erganii araara kadhatu.
3. Hawwiin bakka tokko tokkotti _____ jedhamee beekama.

Gilgaala 3. Dhaggeeffachuun Booda

A. Dubbisa dhaggeeffatterratti hundaa'uun yaada sirrii tahe "Dhugaa" kan sirrii hintaane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Gosti sirna fuudhaafi heerumaa "Hawwii" adeemsa tokko qaba.
2. Gurbaan intala sirna fuudhaafi heeruma Hawwiitiin mana warraatii baafate gaafuma sana mana isaatti fudhatee gala.
3. Hawwiin bakka addaddaatti Waliin Deemmachuu jedhamee beekama.
4. Intalli gaafa Hawwiin manaa baatu haadha ishee qofatti himti.

B. Dubbisa dhaggeeffatterratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Sirni fuudhaafi heerumaa "Hawwii" .jedhamu bu'aafi miidhaa inni qabu maali jetta?
2. Aadaa fuudhaafi heerumaa naannoo keetti beekamu keessaa kamtu gaariidha jetta? Maaliif?

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4. Falmii Gaggeessuu

Mata-dureewwan armaan gadii keessaa tokko deeggaruun kaan ammoo, mormuun gareen falmii gaggeessaa.

1 Heerumni kan fedhii gurbaafi mucayyoo irratti hundaa'etu gaariidha.
2 Heerumni kan fedhii maatii gurbaafi mucayyoorratti hundaa'etu gaariidha.

Barannoo 3: Dubbisuu

Gilgaala 5. Dubbisuun Dura

A. Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate dubbisuun dura gareen mariyachuun deebisi.

1. Fuudhaafi heeruma jechuun maal jechuudha?
2. Sirna fuudhaafi heerumaa Oromiyaa keessa jiru kamfaa beektu?

B. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

1. idaayya 2. gaa'ela 3. milkii 4. beellama

Gilgaala 6. Yeroo dubbisuu

Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa deebisi.

1. Akaakuun aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo Maccaa biratti beekaman maal faa'i?
2. Adeemsa naqatanii fuudhuun keessa darbu sadan maal fa'i? .
3. Milkii ilaallachuu keessatti haati intalaa maal raawwatti?
4. Adeemsa naqataan bultii ijaaruu keessaa inni xumuraa maali?
5. Yommuu gurbaan fuudhaaf manaa bahu maal jedhanii eebbisu?
6. Qe'ee warra intalaatti, erga hamaamonni nyaatanii dhuganii booda, maatiin intalaa gurbaafi intala maal jedhanii eebbisu?
7. Erga intalli waa'ilatti kennamtee booda, hamaamonni intala farda dhaltuutti aggaamsisuun maal agarsiisa?
8. Hamaamonni intala fudhatanii erga qe'ee warra gurbaa ga'anii booda, haati gurbaa _____, _____fi_____unachiisuun gurbaafi intalli mana seenu.
9. Shamarran qe'ee warra gurbaa maalfaa jechuun intala arrabsu?

Sirna Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Maccaa



Ummanni tokko karaa ittiin duudhaa hawaasaa dhalootatti dabarsuufi firooma uumu keessaa inni tokko gaa'ela. Oromoon akkuma baay'ina uummataafi bal'ina lafa isaa aadaan fuudhaafi heerumaa isaas hedduudha. Aadaa fuudhaafi heerumaa jiran keessaa xiyyeeffannoon dubbisa kanaa kan Oromoo Maccaati. Oromoo Maccaa biratti fuudhaafi heerumni akaakuu shantu jiru. Isaanis, naqata, hawwii, olnaqa, aseennaafi butiidha. Hundinuu haala raawwii isaaniitiin garaagarummaa qabu. Aadaa fudhaafi heerumaa kanneen keessaa naqata fudhannee haa ilaallu.

Naqatni aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo Maccaa keessaa isa tokko ta'ee, kan maatiin gurbaa bifaafi qalbii intalaafi haala jireenya warra ishee jaallatanii maatii intalaa kadhatanii ilma fuusisaniidha. Aadaan kun adeemsa keessa darbu sadi qaba. Isaanis, ilaallachuu, naqachuu/kaadhimachuufi fuudhuudha. Ilaallachuun adeemsa maatiin gurbaa haalaafi amala intalaa akkasumas, jireenyaa maatii intalaa jaallatan kadhataniidha. Jalqaba, abbaafi

wasiilli gurbaa jaarsolii dabalachuun marga jiidhaa qabatanii ganamaan mana warra intalaa dhaqu. Warri intalaa dhimma ganamaan gara isaanii dhufaniif gaafatu. Warri gurbaas "Abjuufi milkiitu nu fidee; intala keessan ilma keenyaaf waan jaallanneef fedha keessan nutti himaa,'' jechuun waan dhaqaniif itti himu. Warri intalaa, "Milkii ilaallannee, aanteen mariyannee isinitti himna," jedhanii beellamaan gaggeessu. Kana booda, haati intalaa milkii ilaallachuuf biqila biqilchiti. Beellama itti aanuttis intala isaanii ilma warra kadhataniif kennuuf fedhii qaban agarsiisu.

Adeemsi itti aanu, naqachuudha. Erga naqatanii booda, hanga waggaa tokkoo ol turuun nidanda'a. Yeroo kana keessatti**,** adeemsota gara gaa'elaatti ceesisantu duraa duubaan raawwatama. Isaan keessaa, gabbaraafi uwwisa eeruun nidanda'ama. Gabbarri goromsa mucayyoo naqatamteef kennamu. Uwwisni ammoo, uffata gurbaan abbaaf, haadhaafi mucayyoo naqateef kennudha. Gabbarriifi uwwisni erga mana warra intalaatti ergamanii booda, guyyaa gaa'elaatiif dhaabni taasifama. Erga dhaabni taasifamee booda, jalbultiin torbaan tokkoof ykn lamaaf hanga guyyaa cidhaatti shamarran hiriyyaa intala heerumtuu galgala galgala bahanii sirbuun nagaa waliif dhaamu.

Adeemsa naqataan bultii ijaarrachuu keessaa inni xumuraa guyyaa fuudhaati. Guyyaa beellamaa mana gurbaattis, mana warra intalaattis kurfiin cidhaa nitaasifama. Yeroo gurbaan fuudhaaf manaa bahu, abbaan, haatiifi jaarsoliin tartiibaan akkas jechuun eebbisu.

Coqorsa ta'ii lafa uwwisi
Waleensuu korma ta'ii yaabbii dhowwadhu
Qilxuu ta'ii dagaagi
Milkaa'ii harka ulfaataadhaan gali. ……..

Eebba booda, gurbaan fuudhuufi hamaamonni isaa gara warra intalaa dhaqu. Qe'ee warra intala heerumtuu yommuu gahan, shamarran akkas jechuun gurbaa fuudhaaf dhaqe arrabsu:

Yaa soddee hudduu daaraa
Ani olseenuu keen aaraa
Gadi ba'uuf karra laaltaa
Akka waan ooltee bultee
Alba'uuf lafa haadhattaa
Akka waan andoodee dhugdee…….

Erga hamaamonni nyaatanii dhuganii booda, abbaan, haati, firoonni intalaa duraa duubaan akkas jechuun gurbaafi intala bakka tokkotti eebbisu:

Horaa; dhiira horaa; durba horaa
Walbira bulaa
Wajjin raagaa
Afaanifi garaan keessan tokko hata'u……

Eebbatti aansuun, aannan, damma, booka wullee guutuu gurbaafi intala unachiisanii harka intalaa qabanii waa'ilatti kennu. Kana booda, hamaamonni intala farda dhaltuutti aggaamsisu. Kaayyoon farda dhaltuutti aggaamsisuu akka intalli ilmoon eebbifamtu hawwiifi amantii qaban ibsuudha. Itti aansuun, intala fudhatanii gammachuudhaan sirbaa gara mana gurbaatti qajeelu.

Erga mana gurbaa gahaniis osoo manatti hinseenin sirni raawwatamu jira. Akkuma mana warra gurbaa gahaniin balbala dura dhaabatu. Haati gurbaa farsoo, aannaniifi booka unachiisuun mana seenu. Shamarran qe'ee warra gurbaa ammoo akkas jedhanii idaayyittii arrabsu:

Kan harmi jige
Kan namni dide

Adurree gabaa sanbataa
Intalloo garaan qarbataa
Yaa hiddii baala daashuree
Haadha moo mucaa baaturee
Kun mukamoo mukattiidhaa
Mukti damee hinqabne maali
Kun durbamoo dubartiidhaa
Durbi qarree hinqabne maalii!

jechuudhaan qarreen durba kabajaafi mallattoo durbummaa ta'uu ibsu. Kunis, saalquunnamtiin gaa'elaan duraa aadmalee ta'uu agarsiisa.

Walumaagalatti, aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo Maccaa biratti beekaman keessaa naqatni adeemsa ittiin raawwatamu qaba. Intala ilaallachuu irraa eegalee hanga naqatanii fuudhuutti mariifi wal hubannaa maatii lamaanii bu'uura kan taasifateedha.

Gilgaala 7. Dubbisuun Booda

A. Dubbisarratti hundaa'uun yaada sirrii tahe "Dhuga"' kan sirrii hintaane immoo "Soba" jechuun deebisi. Sabab soba ykn dhugaa jettefis ibsa kenni.

1. Naqataan fuudhuun fedhii warra gurbaa qofa irratti hundaa'a.
2. Naqataan fuudhuuf ulaagaan murteessaan haalaafi amala intalaa qofa.
3. Sirna naqatanii fuudhuu keessatti guyyaa cidhaaf kan beellama qabu gurbaafi intala.
4. Guyyaa cidhaa mana warra gurbaattis tahe warra intalaatti qophiin cidhaa nitaasifama.
5. Intala farda dhaltuutti aggaamsisuun intalli ilmoo baay'ee akka deessu hawwuu agarsiisa.

6. Hamaamonni akkuma qe'ee warra gurbaa ga'aniin gurbaafi intalli mana seenu.
7. Akka sirna naqatanii fuudhuutti gaa'elaan dura saalqunnamtii raawwachuun aadmaleedha;nama qaanessa.

B. Dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'ii gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii sirrii filadhu.

1. Naqatanii fuudhuuf adeemsa jalqabaa kan ta'e kami?

   a. kadhachuu c. milkii ilaallachuu

   b. ilaallachuu d. uwwisa geeffachuu

2. Adeemsonni gara gaa'elaatti ceesisan yoom raawwatamu?

   a. Yeroo ilaallachuu c. Yeroo kadhachuu

   b. Yeroo naqataan turuu d. Guyyaa fuudhaafi heerumaa

3. Akka dubbisichaatti kamtu sirriidha?

   a. Warra intalaa biratti gurbaan fuudhu kabaja waan qabuuf gaafa cidhaa hinarrabsamu.
   b. Gaafa cidhaa ishee idaayyittiin mana gurbaatti shamarraniin leellisamti.
   c. Guyyaa cidhaa idaayyittiin diinqa teessee hamaamota eegdi.
   d. Guyyaa fuudhaa manguddoon mana warra intalaa deemuu hinbarbaachisu.

4. Yaada armaan gadii keessaa kamtu sirriidha?

   a. uwwisni uffata gurbaan gaafa cidhaa uffatudha.
   b. gabbarri goromsa goromsa intala naqatamteef kennamtudha.
   c. arrabsoon shamarranii gaa'ela diiga.
   d. jalbultiin waggaa tokkoo oliifis sirbamuu nidanda'a.

5. Yeroo gurbaan manaa bahu, biqiltuu kamfaa maqaa dhahuun eebbisu?

   a. coqorsa
   b. waleensuu
   c. qilxuu
   d. hundi deebiidha.

C. Gaaffilee armaan gadiif barreeffamaan deebii kenni.

1. Naqataan gaa'ela ijaarrachuun faayidaa maal qaba?
2. Milkii ilaallanna yommuu jedhamu maal jechuudha?
3. "Kan harmi jige; kan namni dide," jechuun maal ibsuufi?
4. Qe'ee warra gurbaatti yeroo hamaamonni intala fudhatanii galan intala (idaayittii) arrabsuun sirriidhaa? Maaliif?
5. Weedduun shamarranii jalbulttiirraa kaasee hanga gaafa cidhaatti qe'ee warra gurbaafi intalaatti raawwatamu faayidaa maal qaba?

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8. Caasaa Barreeffama Dheeraa

A. Odeeffannoo (gumee) armaan gaditti kenname fayyadamuun aadaa fudhaafi heerumaa Oromoo Gujii keeyyata afur barreessi.

Keeyyata tokkoffaa jalatti:

- Gaa'elli karaa ittiin firoomni uumamu tahuu
- Oromoon aadaan fuudhaafi heerumaa hedduu qabaachuu
- Kan Oromoo Gujii biratti beekamu akka fakkeenyaatti fudhachuu
- (kadhaa, hawwii, addibaanaafi butii)
- Hundinuu haala raawwii isaaniitiin garaagarummaa qabaachuu
- Kana keessaa barreeffamni kee "Kadhaa" qofa kan ilaalu tahuu

Keeyyata lammaffaa jalatti:

- Maalummaa kadhaa
  - kan abbaafi haati gurbaa bifaafi qalbii intalaafi haala jireenya warra ishii jaallatee maatii intalaa kadhachuun ilma fuusisan tahuu
- Adeemsa kadhaan ittiin raawwatamu
  - tamboofi buna qabatee gara mana abbaa intalaa dhaquu
  - intalli nama biraatiin kadhatamuufi dhiisuu ishii gaafachuu
  - intala isaanii ilma isaaniif akka jaallataniifi akka kaayoo ilaalaniif gaafachuu

Keeyyata sadaffaa jalatti

- Turtii taasifamu
- kadhaadhaan waggaa tokkoo hanga waggaa sadiitti kan turamu tahuu
- gabbaraaf goromsa lamaafi jibichi tokko (horii sadii) kan gaafatamu tahuu
- maatiin intalaa jila qopheessuun firaafi ollaa waammachuun intala isaanii jaallatanii kennuu beeksisuu
- si'a sadii "Intala keenya jaalannee ilma keessaniif kennineerra," jechuu
- akka horaniifi nagaan jiraataniif eebbisuu

Keeyyata goolabaa

- Aadaan fuudhaafi heerumaa Oromoo Gujii biratti beekamu keessaa Kadhaan adeemsa keessa darbu kan qabu tahuu eeruun goolabuu

C. Aadaa fuudhaafi heerumaa naannoo keetti beekaman keessaa tokko filachuun keeyyata sadiin barreessuun ibsi. Dura gumee qopheeffachuun barbaachisaadha.

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9. Hiika jechootaa

A. Hiika jechoonni himoota gadii keessatti jala sararaman qaban filadhu.

1. Ummanni tokko karaa ittiin duudhaa hawaasaa dhalootatti dabarsuufi firooma uumu keessaa inni tokko gaa'ela.
   a. milkii b. barsiifata c. maandhaa
2. Warri intalaaa, "Milkii ilaallannee, aanteen mariyannee isinitti himna," jedhanii beellamaan gaggeessu.
   a. nama guddaa b. nama aanaa keenya keessa jiru c. fira
3. Aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo keessaa naqatanii fuudhuun bal'inaan kan beekamuudha.
   a. kaadhimmatanii b. butanii c. hawwanii
4. Oromoo Maccaa biratti gabbarriifi uwwisni erga mana warra intalaatti erganii booda, guyyaa gaa'elaatiif dhaabni nitaasifama.
   a. beellama b. utubaa c. baaxii
5. Adeemsa naqataan bultii ijaarrachuu keessaa inni tokko sirna guyyaa fuudhaa raawwatamu.
   a. galgala b. rafiitii c. gaa'ela
6. Guyyaa beellamaa mana gurbaattis, mana warra intalaattis kurfiin cidhaa nitaasifama.
   a. gurmuu b. qophii c. mufannaa
7. Gaafa intala fuudhan, hamaamonni intala farda dhaltuutti aggaamsisu.
   a. akeeksisuu b. saggaarsisuu c. gulufsisuu

B. Hiika jechoonni walaloo armaan gadii keessatti jala saraman qaban barreessi.

Sayyuun koo dhufte

Karaa kam dhufte

Karaa harbichaa

Maal fiddee dhuftee

Hambaa gurbichaa

Horii abbaa koo

Fiddee dhuftemoo

Dhiiftee dhufteree

Yoo fiddee dhufte

Sayyuun siin jedhaa

Sayyuu ishii guddoo

Teenyi kee mirgaa

Deenyi kee ilmaa

Yoo gattee dhufte

Faalloo siin jennaa

Faalloo bishaanii

Sitti waraabbannaa . . .

Barannoo 6: Caasluga

Gilgaala 10. Akaakuu himaa tajaajilaan

Fakkeenyaafi ibsa armaan gadii hubadhu.

a. Abdiin konkolaataa oofaa jira.
b. Abdiin maal hojjataa jira?
c. Abdiin konkoolaataa hoofaa jiraa?
d. Uggum! Akkam bareeddi!
e. Hatattamaan gabaa dhaqii qullubbii biti!

Himni ‘a’ irra jiru hima himamsaa yoo ta’u faayidaan isaas odeeffannoo dabarsuuf kan gargaaruufi dhumarratti mallattoo tuqaan kan xumuramuudha. Himoonni ‘b’ fi ‘c’ irra jiran immoo hima gaaffii yoo ta’an deebii wayii kan barbaadaniifi mallattoo gaaffiin kan xumuramanidha. Himni ‘d’ irra jiru hima raajeffannoodha. Faayidaan isaas miira ho’aan dubbachuufi raajeffannoon dhiheessuuf kan gargaarufi mallattoo raajeffannoon kan xumurudha. Dhumarrattis, himni ‘e’ irra jirummoo hima ajaajaa yoo ta’u ajaja wayii dabarsuuf fayyada. Kanaafuu, himni odeeffannoo kennuuf, gaaffii gaafachuuf, ajaja ittiin kennuufi raajeffannaadhaaf fayyada.

A. Himoota ‘A’ jalatti dhiyaatan akaakuu himaa ‘B’ jalatti kennaman keessaa filuun walitti firoomsi. Gaaleewwan “B” jala jiran al-tokkoo ol himoota “B” jala jiraniin walitti firoomuu nidanda’u.

A	B
1. Maal akkam kormeedha!	A. Hima ajajaa
2. Mana barumsaa deemi!	B. Hima himamsaa
3. Kitaaba kam ergifachuu barbaadde?	C. Hima gaaffii
4. Eebbiseen mana barumsaa deemte.	D. Hima raajeffannoo
5. Fardi horii kotte duudaadha.	

B. Tajaajila isaanii irratti hundaa'uun akaakuu himoota armaan gadii barreessi.

1. "Ani mucaa koo ijoollummatti hinheerumsiisu," jedhan Abbaan Firaa.
2. Ishoo! Baga gammadde.
3. Finca'aan Soor Iluu Abbaa Booritti argama.
4. Dafii kottu!
5. Buna moo aannan dhugda?

C. Hima himamsaa, gaaffii, raajeffannoofi ajajaa lama lama barreessi.

1. Hima himamsaa
   a. _____
   b. _____
2. Hima gaaffii
   a. _____
   b. _____
3. Hima ajajaa
   a. _____
   b. _____
4. Hima raajeffannoo
   a. _____
   b. _____

BOQONNAA AFUR: DANOOMINAAFI TOKKUMMAA

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti:

- haasawa namootaa dhaggeeffachuun nixiinxalta;
- hiika dubbisni tokko haala qabatamaa keessatti qabu addaan nibaasta;
- cigoo fayyadamuudhaan nibarreessita;
- jechootaaf hiika walfakkaataa yookiin faallaa nikennita;
- gaaleefi akaakuu isaa adda baasuun nifayyadamta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1. Dhaggeeffachuun Dura

Haasaa nama beekamaa tokkoo dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Haasawa namoota beekamoo dhageeffattee beektaa?
2. Haasawa maal irratti taasisame dhageeffatte?

Gilgaala 2. Yeroo Dhaggeeffachuu

Haasawa nama beekamaa siif dhi'aatu tokko dhaggeeffachaa gaaffilee gaafatamtu deebisi.

Gilgaala 3. Dhaggeeffachuun Booda

1. Deebii gaaffilee haasawa dhaggeeffatte xiinxaluudhaan kennite kan hiriyaa kee waliin walbira qabii ilaali.
2. Deebii hiriyaa kee waliin irratti walii galtan dareef ibsaa.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4. Dubbisuun Dura

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhiyaate dubbisuun dura hiriyaa kee waliin irratti mariyachuun deebisi.

1. Oromoon karaa kam kamiin Itoophiyaa ijaaraa ture jettee yaadda?
2. Oromoon maalfaa hojjachuun Itoophiyaa addunyaarratti beeksisaa ture?

B. Hiika jechoota itti annanii jiranii tilmaamuudhaan dareef ibsi.

1. millachuu	2. hundeessuu	3. mogolee
4. faarfamuu	5. waaroo	6. roorroo

Gilgaala 5. Yeroo Dubbisuu

Gaaffilee asii gadii dubbisa itti aanee jiru dubbisaa deebisi.

1. Sabaafi sablammoota Afrikaa keessa jiran keessaa kan baay'ina ummataan sadarkaa sadaffaarra jiru kami?
2. Oromoon biyyoota adda addaa keessa jiraatu aadaan, seenaan, safuun, ijaaramni qorqalbiifi xiinsammuun isaa garagara.
   (dhugaa/Soba)
3. Bara _____ Abbabaa Biqilaa Magaalaa Roomitti fiigicha Olompikii Gannaa maaraatoonii mo'uudhaan Itoophiyaafis ta'ee, Ardii Afrikaatiif meedaaliyaa warqee kan jalqabaa argamsiise.
4. Atileetiin Oromoo seenaa Abbabaa Biqilaa fakkaatu hojjate eenyu?

   A. Faaxumaa Roobaa B. Daraartuu Tulluu

   C. Qananiisaa Baqqalaa D. Gazzaany Abarraa

5. Taateewwan seenaa keessaa kanneen bara tokko ta'an isaan kami?

   A. Moo'icha Faaxumaafi Abbabaa

   B. Du'a Abbabaafi Dhaloota Faaxumaa

   C. Baroota Abbabaafi Faaxumaan itti moo'atan.

   D. Moo'icha Faaxumaafi du'a Abbabaa

6. Xaaliyaaniin kan moo'amte bara kami?

7. Maqaa jagnoota Oromoo Adwaarratti jabduu hojjatan tarreessi.

8. Fardeen Oromoo otoo hinjiran ta'ee, bara _____ Adwaarratti Xaaliyaaniin nimoo'amtti jechuun rakkisaa ta'a.

9. Hojiin Looreet Gabbisaa Ejjataa Itoophiyaadhaaf bu'aa maalii buuse?

10. Looreet Tsaggaayee Gabramadiniifi Doktora Kabajaa Lammaa Guyyaa maal hojjatani?

Gahee Oromoon Itoophiyaa Ijaaruu Keessatti Qabu

Oromoon saba guddaa Afrikaati. Biyyoota Afrikaa kanneen akka Itoophiyaa, Somaaliyaa, Keeniyaafi Suudaan keessa akka jiraatu ragaaleen nihimu. Sabni kun baay'ina qabuun Itoophiyaa keessatti sadarkaa tokkoffaa, Afrikaa keessatti sadarkaa sadaffaarra jira. Biyyoota adda addaa keessa kan jiraatu ta'us, akka sabaatti aadaan, seenaan, safuun, ijaaramni qorqalbiifi xiinsammuun inni qabu tokkuma. Saboota naannoo isaa jiran waliin walii galee jiraachuu irratti duudhaan inni qabu akka jaalatamuufi baayyinni hortee isaa akka dabalu taasisee jira. Sabni Oromoo waliin jireenya deeggara. Saboota biroo waliin ta'uudhaan saba caalaatti guddaa ta'e ijaaruu fedha. Biyya irra jiru caalaa biyya bal'oo ijaaruun hawwii isaa kan yeroo maraati. Kanaaf ammoo, ragaan gahee Oromoon Itoophiyaa keessaa, Itoophiyaa ijaaruu keessatti ba'aa ture ilaaluun qofti gahaa ta'a. Oromoon dirreewwan adda addaa kanneen akka ispoortii, qaroominaafi misoomaa irratti hirmaachuun ijaarsa Itoophiyaa keessatti qooda olaanaa taphateera.

Sabni Oromoo lammiilee isaa waltajjii jaalalaa irratti bobbaasuudhaan yeroo adda addaa maqaan Itoophiyaa akka beekamu taasisee jira. Seenaawwan boonsaa irra deddeebiidhaan hojjataman hunda dhi'eessuun rakkisaa ta'us, kan dirree ispoortii irratti ta'e keessaa fakkeenya muraasa kaasuun nidanda'ama. Bara 1960 Abbabaa Biqilaa Magaalaa Roomitti fiigicha Olompikii Gannaa maaraatoonii moo'uudhaan Itoophiyaafis ta'ee, Ardii Afrikaatiif meedaaliyaa warqee kan jalqabaa argamsiise. Taateen kun Afrikaafi Itoophiyaan addunyaa irratti akka beekaman akka taasise himama. Abbabaanis Afrikaas ta'ee, Itoophiyaa keessaa nama yeroo jalqabaatiif dorgommii maaraatoonii moo'e ta'e. Bifuma walfakkaatuun, Faaxumaa Roobaa, kan bara Abbabaan boqote dhalatte, bara 1988 dirree Olompikii

Gannaa Atilaantaatti seenaa walfakkaatu hojjachuudhaan dubartoota Oromoo, Itoophiyaafi Afrikaa boonsitee jirti. Kanaanis, Itoophiyaan akka faarfamtu taasistee jirti. Akkasumas, jagnoonni saba Oromoo kanneen dirree ispoortii irratti dinqii hojjachuudhaan Itoophiyaatti waaroo kabajaa uwwisiisan baay'eedha. Isaan keessaa Daraartuu Tulluu, Qananiisaa Baqqalaa, Gazzaanyi Abarraa, Xurunash Dibaabaa, Ganzabee Dibaabaa, Maariqoos Gannatii, Silashii Sihiin, Fiixaa Baayyisaafi kan kana fakkaatan maqaa dha'uun nidanda'ama.

Kana malees, Oromoon dirree lolaa keessatti hirmaachuun Itoophiyaa ijaaruun kabachiisee jira. Hundeessuurraa kaasee ijaaruudhaan ykn haaressee dhaloota har'aa biraan gahee jira. Fakkeenyaaf, gatii guddaa Oromoon daangaa biyyaa kabachiisuuf Adwaarratti baase ilaaluun nidanda'ama. Fardeen Oromoo otoo hinjiran ta'ee, bara 1896 Adwaarratti Xaaliyaaniin nimoo'ama jechuun rakkisaa ta'a. Bara sana kutannoofi jabduu Fitaawuraarii Gaboo Gurmuufi Dajjaazmaach Baalchaa Saafoofaa weerartoota kanneen qolachuuf hojjatan yaadachuun dirqama ta'a. Gareen goototaa Wallaggaafi Harargeerraa deeman ammoo, Raas Mokonnon jalatti hiriiruun lafee weerara faashistoota dursanii Maqaleefi Ambaalaageerratti akka daaraa botoroo taasisan seenaan ragaa ba'a. Kanneen akka Gabramaariyaam Gaarii, Garasuu Dhukii, Balaayi Zallaqaafi kanneen kana fakkaatan ammoo, bakka adda addaatti weeraroota Xaaleyaaniitti madaa mogolee ta'anii jiru. Dhimma biyya isaaniitiif adda durummaan qabsaa'aa turan.

Akkasumas, Oromoon dirree qaroominaa keessatti hirmaachuudhaan Itoophiyaa addunyaa irratti akka mul'attu taasisee jira. Fakkeenyaaf, Looreet Gabbisaa Ejjataa qoroomina addaa addunyaaf gumaachee jira. Hayyuun kun dirreen qonnaa akka fooyya'uuf, sanyii midhaan mishingaa gogiinsa dandamatu qorannoon argate. Hojii isaa kanaan Ardiin Afrikaafi Itoophiyaan

fayyadamoo ta'uu bira darbanii addunyaa irratti akka beekaman ta'e. Kanneen akka Looreet Tsaggaayee Gabramadiniifi Doktora Kabajaa Lammaa Guyyaatis dirree ogbarruufi aartiitiin yayyaba cimaa kaa'uudhaan Itoophiyaa boonsanii jiru. Kana malees, sabni kun sirna bulchiinsaa aangoo nagaadhaan walharkaa fuusisu biyyaaf gumaachee jira. Sirni isaa kunis qaroomina addaa ta'uudhaan galmee UNESCO irratti galmaa'ee jira.

Dabalataanis, Oromoon misooma Itoophiyaa keessatti gaheen taphachaa tureefi jiru olaanaadha. Oromiyaan albuudaafi bu'aaleen qonnaa alergiif oolaniifi sharafa biyya alaa argamsiisan danuu gumaacha. Warqeen, midhaan dibataa, bunniifi kan kana fakkaatan bal'inaan Oromiyaa keessatti oomishamu. Sadarkaa biyyaatti ammoo, midhaan nyaataa oomishee, uummatoonni Itoophiyaa akka hinbeelofne taasisuu irratti sabni kun qooda olaanaa ba'aa jira. Haalonni kunneen waan lama agarsiisuu danda'a. Inni tokko, hirmaannaa Oromoon kallattiidhaan misooma Itoophiyaa keessatti taasisaa jiru. Inni biraa ammoo, madda dinagdee Itoophiyaa argamsiisuu irratti gahee inni taphachaa jiru ta'a. Bifuma walfakkaatuun sadarkaa baay'ina isaatiin humna barate waan qabuuf, hirmaannaan misooma sadarkaa hundaa keessatti taasisaa jiru guddaadha.

Walumaagalatti, Oromoon Itoophiyaa har'aa tana ijaaruu furda jechuun nidanda'ama. Kallattii hundaan qooda baay'ina isaatiin walgitu ba'aa ture; ba'aas jira. Sirna Gadaatiin bulaa waan tureefi guutummaatti dimokraatawaa ta'uusaarraan kan ka'e, walqixxummaa namoota hundaatti niamana; Hammataadha jechuudha. Sabaafi sablammoota biroo waliin ta'uun, dirree adda addarratti Itoophiyaan akka beekamtu taasisee jira, taasisaas jira. Itoophiyaan Roorroo biyyoota alaa irraa walaba taatee akka jiraattuuf, aarsaa guddaa kafale, kaffalaas jira. Itoophiyaan ammayyummaa addunyaa keessatti akka iftee mullattuuf, gahee mataa isaa taphate; taphachaas jira. Uummanni

ishee akka rakkoo keessaa ba'uuf, misooma biyyaaf kallattii hundaan utubaa ta'e; ta'aas jira. Oromoon Itoophiyaa ijaaruu keessatti qooda hangafummaa qaba yoo jedhame haqa. Haata'u malee, dhugaa kana bifa loogii irraa bilisa ta'een akka seenaatti himuurratti hanqinni nijira. Kanaafuu, kana booda seenaa tureefi jiru qoratanii, soroorsanii, dhalootatti dabarsuun haalaan barbaachisaadha.

Gilgaala 6. Dubbisuun Booda

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisarratti hundaa'uun afaaniin deebisi.

1. Gahee Oromoo dirree ispoortii irratti Itoophiyaa beeksisuuf taasise ibsi.
2. Osoo gootonni Oromoo Xaaliyaanii falmanii deebisuu baatanii, maaltu ta'a jettee yaadda?
3. Lammiilee Oromoo kallattii adda addaatiin Itoophiyaa beeksisan keessaa kanneen dubbisa olii keessatti osoo dhiyaachuu qabanii hafan jettee yaaddu jiruu? Yoo jiraatan ibsi.
4. Gahee Oromoo Itoophiyaa Ijaaruu keessatti ba'aa ture keessaa kan dubbisa kana keessatti osoo dhiyaachuu qabuu hafe jettu jiraa? Yoo jiraate ibsi.
5. Keeyyata lammaffaa keessatti 'Waltajjii jaalalaa' kan jedhame maali?

B. Dubbisa armaan olii keessatti yaadni ijoo keeyyatota armaan gadii maal akka tahe ibsi.

a. Yaada ijoo keeyyata lammaffaa=_____
b. Yaada ijoo keeyyata sadaffaa=_____
c. Yaada ijoo keeyyata afuraffaa=_____
d. Yaada ijoo keeyyata shanaffaa=_____

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 7. Cigoo (Jechama) Fayyadamuu

A. Hiika cigoowwan (jechamoota) himoota armaan gadii keessatti jala sararamanii irratti hiriyaa kee waliin mari'achuun waan irratti walii galtan afaaniin dareef ibsi.

1. Faaxumaa Roobaa, bara Abbabaan boqote dhalatte.
2. Jagnoonni Oromoo dirree ispootii irratti dinqii hojjachuudhaan Itoophiyaatti waaroo kabajaa uwwisiisan.
3. Jagnoonni Oromoo lafee weerara faashistootaa dursanii Maqaleefi Ambaalaageerratti akka daaraa botoroo taasisan seenaan ragaa ba'a.
4. Jagnoonni Oromoo bakka adda addaatti weeraroota Xaaliyaaniitti madaa mogolee ta'ani.
5. Oromoon dirree qaroominaa keessatti hirmaachuudhaan Itoophiyaan addunyaa irratti akka mul'attu taasisee jira.
6. Oromiyaan, handhuura Itoophiyaatti argama.
7. Oromoon Itoophiyaa har'aa tana ijaaruuf furda ture jechuun nidanda'ama.
8. Oromoon hammataadha.
9. Oromoon biyyaaf, gaachana; misooma biyyaatiif kallattii hundaan utubaadha.
10. Sabni kun Itoophiyaa ijaaruu keessatti qooda hangafummaa qaba.

B. Cigoowwan (jechamoota) "A" jalaa hiika isaanii kanneen "B" jalaatiin walitti firoomsi.

A	B
1. Ija guutti	A. Obsa qaba
2. Foolii qaba	B. Xiraa'ee, ajaa'eera
3. Harka dheerata	C. Waa hunda raawwachuu danda'a.
4. Garaa bal'ata	D. Arjaadha
5. Nyaara guura	E. Ni bareeddi
	F. Namaan ooda; ni dheekkama

C. Cigoowwan (jechamoota) beektu dabtara kee irratti erga barreessiteen booda daree keetiif dubbisi.

D. Cigoowwan (jechamoota) dareetti waliif dhi'eessitan fayyadamuudhaan mata dureewwan armaan gadii keessaa tokko irratti barreeffama keeyyatoota sadi qabu barreessi dareedhaaf dubbisi.

a. Tokkummaa

b. Faayidaa Danummaa

Barannoo 5: Fayyadama Jechoota

Gilgaala 8. Hiika walfakkiifi hiika faallaa

A. Jechoota itti aananii jiraniif hiika walfakkii isaan qaban barreessi.

1. Abjuu	2. yayyaba	3. miidhaa
4. waltajjii	5. furda	6. qooda
7. boqate	8. gaachana	9. taphachaa
10. mishingaa	11. gumaacha	12. handhuura

B. Jechoota armaan gadiitiif hiika faallaa isaan qaban barreessi.

1. Bobbaasuu	2. mooga	3. qoroomina
4. boonsaa	5. alergii	6. jaalala
7. mancaasuu	8. ijaaruu	9. kabaja

Barannoo 6: Caasluga

Gilgaala 10. Garee jechootaa addaan baasuu

A. Himoota asii gadii keessaa kan jala sararame maqaa, maqibsa, gochima, gochibsa ykn durduubee ta'uu adda baasuun barreessi.

1. Baraafi furguggee gad jedhanii dabarfatu.
2. Nama gabaabaa ijoolleen hiriyaa seeti.
3. Isheen suuta dubbatti.
4. Tolaan obboleessa keenya.
5. Adaamiin ollaa agamsaa guyyuu boossi.
6. Bokkaatu roobe malee, cabbiin hinbuune.
7. Inni intala kaamettii fuudhe.
8. Daraartuun saffisa gaariidhaan fiigde.
9. Namichi mana cinaa taa'a.
10. Tolaan seenaa ummata isaa qu'ata.

B. Jechoota 'B' jalatti tarreeffaman garee isaanii kanneen 'A' jalatti tarreeffaman waliin walitti firoomsi. Garee tokko jalatti jechi tokkoo ol firoomuu danda'a.

A	B
1. Maqaa	A. kanaafuu
2. Maqibsa	B. ulfina
3. Gochima (Xumura)	C. jiru
4. Gochibsa (Xumibsa)	D. waliin
5. Durduubee	E. ta'e
	F. misooma
	G. guddaa
	H. suuta
	I. isaan
	J. dafee

BOQONNAA SHAN: QAREEYYII

Bu'aalee barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti:

- yaadrimee qareeyyii (witticism) ni'ibsita;
- akaakuu qareeyyii nitarreessita;
- mammaaksota, hibboowwaniifi arrab-laalee garagaraa addaan nibaasta;
- ergaa akaakuu qareeyyii adda adda nixiinxalta;
- soorgoofi sookoo ciigoo addaan nibaasta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1. Dhaggeeffachuun Dura

A. Gaaffilee armaan gadii hubannoo qabdu irratti hundaa'uudhaan afaaniin deebisi.

1. Qareeyyiin maali?
2. Akaakuu qareeyyii kamfaa beekta?
3. Dhimmoonni qareeyyii irraa barataman kanneen akkamiiti?
4. Qareeyyiin ergaa akkam akkamii qabu?

B. Hiika jechoonni armaan gadii dubbisa dhaggeeffachuu deemtu keessatti qabaachuu malan tilmaamuudhaan hiriyaa keetti himi.

1. falaasama	3. xiinqooqa	5. cigoo
2. xiinmadda	4. galmoo	6. qorqalbii

Gilgaala 2. Yeroo Dhaggeeffachuu

Dubbisa siif dubbisamu dhaggeeffachaa gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Wantoonni nama kofalchiisan hundi qareeyyii jedhamuu hindanda'ani. (dhugaa/soba)
2. Qareeyyiin haasawa waltajjii tokko irratti namni tokko taasisu keessatti uumamuu danda'a. (dhugaa/soba)
3. Afoola hawaasaa keessaa kanneen qareeyyii jalatti ramadamuu danda'an baayyeedha. (dhugaa/soba)
4. Akaakuu qareeyyii keessaa tokko arrab laaleedha. (dhugaa/soba)
5. Qareeyyii baayyeen unkaa dhedheeroo qabu. (dhugaa/soba)
6. Akaakuu qareeyyii nama kofalchiisan keessaa mammaaksi tokko. (dhugaa/soba)

Gilgaala 3. Dhaggeeffachuun Booda

Deebii gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu hojjatte irratti hiriyaa kee waliin mari'achuudhaan deebiin kee sirrii ta'uu isaa adda baafadhu.

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4. Akaakuu qareeyyii

Gaaffilee armaan gadii irratti gareedhaan mari'achuudhaan deebii keessan afaaniin dareedhaaf gabaasaa.

1. Qareeyyiin maali?
2. Akaakuun qareeyyii maalfaadha?
3. Qareeyyii beektan keessaa tokko tokko walitti himaa.
4. Ergaan qareeyyii walitti himtanii maali?
5. Faayidaan qareeyyii walitti himtanii maali?

Yaadannoo

Qareeyyii

Qareeyyiin haasawa yookaan wantoota gaggabaaboo ergaa qabaniifi qindaawoodha. Jechaan, gochaan, jechaafi gochaan, fakkii yookaan fakkiifi jechaan dhiyaachuu danda'u. Akaakuu isaaniitis baayyeedha. Hunda isaanii dhi'eessuun waan hindanda'amneef, mammaaksa, hibboofi arrab-laalee ilaaluun maalummaa kanneen hafaniitis hubachiisuun nidanda'ama.

A. Mammaaksa

Mammaaksi afoola qindaa'inaafi miidhagina qabu.. Galmoo haasawa adda addaa gidduu galuudhaan dubbii mi'eessa. Abbootiin akka ibsanitti mammaaksi dubbii fixuu yookaan dubbii fiduuf fayyada. "Haaki jedhan waa tufu; mammaakan waa himu," kan jedhames, kanumarraa ka'uun fakkaata. Kana malees, "Mammaaksi koobaa dubbiiti," jedhama. Ijoo dubbii bakka tokkotti fiduudhaaf, gargaara jechuudha.

B. Hibboo

Akkuma mammaaksaa hibboonis gabaabaadha. Garuu, akka mammaaksaa galmoo adda addaa keessatti kan dhi'aatu miti. Kophaa isaa dhi'aata. Amala nama bohaarsuu waan qabuuf, tapha fakkaata. Bifa gaaffiifi deebiitiin dhi'aata. Gaaffiin isaa seera ittiin dhi'aatu qaba. Deebiin kennamus akka itti kennamu qaba. Walitti dhufeenya gaaffiifi deebiin qaban keessa qaroomina kalaqqiitu jira. Kanatu hibboo ajaa'ibsiifamaafi bashannansiisaa taasisa. Akkasumas, qalbi rarraasoon deebii argachuuf jiru olaanaadha. Gaafataafi gaafatamaa gidduutti dorgommii cimaan akka uumamu taasisa. Kana irraa kan ka'e, hibboon bashannansiisaa barsiisa; sammuu qara jedhama.

C. Arrab-laalee

Arrab-laaleen afoola yookaan tapha dogoggora (miliqqee) arrabaa giddu galeessa godhatee taphatamu. Yeroo baayyee ijoolleetu taphata. Dandeettii sagaloota dubbii dhaggeeffatanii adda baasanii dubbachuu xiyyeeffatee taphatama. Akkasumas, beekumsa wantoota naannoo keenyaa adda baasuudhaan dubbachuu irratti kan bu'uure ta'uu danda'a. Walumaa galatti, sammuu, gurraafi arraba waliin hojjachiisuudhaan ariitiidhaan dubbachuun nibarbaadama. Akkaataan tapha isaa dorgommii waan of keessaa qabuuf, bashannansiisaa barsiisa jechuudha.

Fakkeenyaaf, warreen taphatan irra deddeebiidhaan akkana jechuu wal gaafatu ta'a:

Oyiruu gamaa qotee

Kudhan galchee

Shan nyaadhe

Shan sanyiidha …

Namni afoola kana ariitii cimaadhaan irra deddeebi'ee akka jedhu gaafatame, yoo sirriitti jechuu dadhabe, akkana jedhee akka dogoggoruu danda'u hubachuun nijiraata:

Oyiruu gamaa qotee

Kudhan galchee

Shan nyaadhe

Shan shanyiidha …

Ariitii gaafatameen jechoota 'shan'fi 'sanyii' jedhan adda baasee waan jechuu dadhabuuf, moo'ama jechuudha.

D. Ciigoo

Ciigoon qareeyyii dubbi yookaan barreeffamaan darbu. Yeroo baayyeen bifa unkaa walalootiin dhiyaata. Ergaan inni dabarsu, yoo xiqqaate kallaattii lamaan hiikamuu danda'a. Jechi, gaaleen yookaan gurmuun jechootaa ergaa lamaa yookaan lamaa ol dabarsuudhaaf ciigoo keessatti argamu dhiyaatu sabbooqa yookaan sabbooqoo jedhama. Sabbooqni ergaa (hiika) mul'ataafi dhokataa qaba. Hiikni mul'ataan soorgoo, dhokataan ammoo sookoo jedhama. Soorgoon ifatti mullata; soorkoon garuu, xiinxala gadi fageenyaa taasisuudhaan argama. Akka hayyoonni ibsanitti dhaamsa dhokataa yookaan sookoo argachuudhaaf haxawwan fayyadamuun nijira. Isaan keessaa ciigoo dhi'aate irra deddeebiidhaan dhaggeeffachuu yookaan dubbisuu, sagalee jecha sabbooqaa dheeressuu yookaan gabaabsuu, jabeessuu yookaan laaffisuu, jechoota waliiti maxxansuu yookaan addaa hiruu, seenaa keessatti dubbatame beekuu, jechoota hiika adda addaa qaban beekuufi kkf ta'u.

Fakkeenyaaf:

1. Culullеen saamtuudha yaada hinqabdu fayyaa
   Ani ishii hineeguu sinbira naaf wayyaa
   Sabbooqa yookaan jecha hiika lama qabu = sinbira.
   Soorgoo = simbira midhaan irraa eegamtu
   Sookoo = isin bira yookaan isin wajjiin ta'uutu naaf caala.
2. Haaqotu inni bare ilmumti hiyyeessaa
   Ati ilmi sooreessa hinqotin barruu siluqqisaa
   Sabbooqa = barruu siiluqqisa.
   Soorgoo = barruun harkaa kee siiquncisa.
   Sookoon = yoo hojjachuu baate , yeroonuu sii hiyyoomsa
3. Ramaddiin ayisaa garbuu moo qamadii
   Kuuwwaan garbuu jedhuu kuun qamadii adii

Garbuummaan beekamnaan hinfudhatin didii.

Sabbooqa = Garbuummaan beekamnaan hinfudhatiin diidi.

Soorgoo = Garbuu yoo ta'e hinfudhatiin jechuudha.

Sookoo = Dhiibbaan yoo cimee mormii jechuudha.

Barannoo 3: Qareeyyii Adda Baasuu

Gilgaala 5. Qareeyyii Funaanuu

Akaakuu qareeyyii yaadannoo jalatti siif dhi'aatan keessaa hanga argachuu dandeessu hawaasa naannoo keetii irraa ykn , barreeffamootaafi interneetii irraa walitti qabii ergaafi faayidaa isaanii ibsi.

Barannoo 4: Mammaaksa

Gilgaala 6. Ergaafi Faayidaa Mammaaksaa

Qareeyyii bakka adda addaatii walitti qabde keessaa ergaafi faayidaa mammaaksaa barattoota daree keetiif afaaniin dhi'eessi.

Barannoo 5: Hibboo

Gilgaala 7. Ergaafi Faayidaa Hibboo

Qareeyyii walitti qabde keessaa hibboo daree keetiif dhi'eessi.

Qajeelfama

1. Barattoota daree keessaa kan waliin taphattu filadhu.
2. Akkamitti akka taphattan itti himi.
3. Erga dhi'eessitaniin booda ergaafi faayidaa isa afaanii dareedhaaf ibsi.

Barannoo 6: Arrab-laalee

Gilgaala 8. Ergaafi Faayidaa Arrab Laalee

Qareeyyii walitti qabde keessaa arrab-laalee daree keetiif dhi'eessi.

Qajeelfama

1. Barattoota daree keessaa kan waliin taphattu filadhu.
2. Akkamitti akka taphattan itti himi.
3. Erga dhi'eessiteen booda ergaafi faayidaa isaa afaaniin dareedhaaf ibsi.

Barannoo 7: Ciigoo

Gilgaala 9. Soorgoofi Sookoo

A. Soorgoofi sookoo ciigoowwan armaan gadii adda barreessi.

1. Adaamaa yoo deemtu Finfinneedhaa kaatee
   Karaa kee gubbatti bishooftuu argatee?

2. Arsiin gaaraan yaasee loowwansaa bobbaase
   Saawwaan soqee soqee walfaana dayyaase

3. Kan akkas bariidhaan kaate
   Mucaan sun simbira taatee

4. Bokkaan roobee caamee
   Namni loolaan dhume

5. Na jaallatta jedhee amartii siif bitee
   Ati na jibbinaan mormarraa si kute

6. Yeroon ani xiqqoo hawwii koo kan turte
   Amma naaf guddattee magaala Naqamtee

7. Maal yaa jarana maaltu na mudate
   Miila qofaa miti harkis na qallate

8. Faraqaasaan Arsii Sheek Huuseen kan Baalee
   Osoo walbira jiruu hundumaan walaallee

9. Nutti haa tolu jennee
   Harree manaa ganne

B. Namoota gaafachuu yookaan kitaabilee adda addaa dubbisuudhaan ciigoowwan walitti qabii soorgoofi sookoo isaanii dareef dhi'eessi.

BOQONNAA JAHA: GAHEE MANGUDDOOTAA

Bu'aalee Barachuu

Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- yaada ijoo barruu dhaggeeffaattee addaan nibaasta;
- dhimma biyyaa nixiinxalta;
- barruu dubbisuun jecha mataa keetiin ni'ibsita;
- xalayaa firaafi xalayaa hojii nibarreessita;
- jechoota waliin deeman addaan nibaafatta;
- gochimoota hafoofi darboo adda baasuun itti fayyadamta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1. Dhaggeeffachuun Dura

A. Gaaffilee armaan gadii osoo gara dhaggeeffachuutti hindeemin dura haala gaafatamteen deebisi.

1. Naannoo keetti gaheen manguddoonni hawaasummaa keessatti qaban maal fa'i?
2. Kunuunsi manguddootaaf godhamuu qabu maal ta'uu qaba jetta?

B. Osoo dhaggeeffachuu hinjalqabin hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

1. daran 2. baabuu 3. dansa

Gilgaala 2. Yeroo Dhaggeeffachuu

Yaada barreeffama siif dubbifamuu irratti hundaa'uudhaan gaaffilee itti aananii jiran dhugaa yookaan soba jechuun deebisi.

1. Manguddoonni umriin baabuu isaanii irraa kan ka'e hojii hinhojjatan.
2. Manguddoonni hawaasa kan tajaajilan jaarsummaa taa'uun qofa miti.
3. Manguddoonni qalbii cabe fayyisuudhaan beekamu.
4. Adeemsi jaarsummaa dhimmoota adda addaatiif taa'amuu tokkuma.

Gilgaala 3. Dhaggeeffachuun Booda

A. Barreeffama irra deebiin dhaggeeffatte irratti hundaa'ii hiika jechoota armaan gadii barreessii.

1. bakara 2. gadoo 3. hiree 4. ijoo 5. beenyaa

B. Gaaffilee armaan gadii afaaniin ibsi.

1. Gaheen manguddoonni Oromoo hawaasummaa keessatti qaban maal maali?
2. Namoonni maaliif waldhabu?
3. Waldhabbii dhabamsiisuun nidanda'amaa? Eeyyee yoo jette akkamitti? Lakki, yoo jette maaliif?
4. Namoota waldhaban walitti araarsuun maaliif barbaachise?
5. Aagii walii fudhachuu jechuun maal jechuudha?
6. Osoo manguddoonni araara hinbuusan ta'ee, maaltu uumama jettee yaadda?

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4. Falmii Gaggeessuu

Yaadolee ijoo hojii gareefi warraaqsa diinagdee irratti A fi B jalatti dhi'aatan keessaa kam deeggarta? Maaliif? Kanneen yaadaan si fakkaatan waliin ta'uudhaan ragaalee dhi'eessuudhaan amansiisi.

A. Akkaataa hojii gareefi hojii dhuunfaa irratti ilaalcha lamatu jira. Isaan keessaa inni tokko hojiin garee hafee, kan dhuunfaa qofti jiraachuu qaba kan jedhu. Inni biraa ammoo, hojiin dhuunfaa hafee kan garee qofti jiraachuu qaba jedha.

   1. Ati isa kami deeggarta? Maaliif?

B. Akka hayyoonni dirree sanaa ibsaniitti, warraaqsa diinagdee biyya tokkootiin walqabatee ilaalchonni jiran lama. Lamaan keessaa inni tokko mootummaan lammiilee biyyaa ogummaadhaan akka ga'oomsu deeggara. Akka ilaalcha kanaatti mootummaan lammiileen akka baratanii dorgomaa ta'an taasisuuf, dirqama qaba. Kanaafuu, barnoota bilisaan kennuudhaan hundi ogummaa akka horatan taasisa. Kana booda, lammiileen kallattii ogummaa isaaniitiin hojii uummatu. Deemsa kanaan abbaa qabeenyaa ta'u. Isaantu kanneen biroo qacaree hojjachiisuu danda'a. Ilaalchi inni biraa, kan mootummaan lammiilee biyyattii qacaree akka hojjisiisuu qabutti amanuudha. Akka ilaalcha kanaatti mootummaan qulqullina barnootaa nitoo'ata. Lammiileen baasii mataa isaaniitiin baratu. Kana booda mootummaan hanga danda'een warra ga'umsa qaban qacaree hojjisiisa. Kan hojii uumuuf mootummaadha jechuudha.

1. Ilaalcha kunneen keessaa isa kam deeggarta? Maaliif?
2. Ilaalcha lamaan keessaa kan lammiileedhaaf gaarii ta'u isa kami? Kan mootummaaf wayyu hoo? Maaliif?

Barannoo 3: Dubbisuu

Gilgaala 5. Dubbisuun Dura

Osoo dubbisuu hinjalqabin dura hiika jechoota kanneenii irratti gareen mariyadhaa.

1. danuu 2. daba 3. gadoo

Gilgaala 6. Yeroo Dubbisuu

Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisaa gaaffilee itti aananii jiran deebisi.

1. Akka yaada Oromootti wantoonni firas diinas taasifachuun nama rakkisu maal faadha?
2. Maanguddoonni seera tumame kan namoota ittiin araarsan hinqabani. (Dhugaa/Soba)
3. Gumaan Dinuuf bahu _____jedhama.
4. Seera Oromoon tume keessaa inni angafti seera _____ti.
5. Sirni aagii walii fudhannaafi dhiifama walgaafannaa _____ jedhama.

Gumaafi Gahee Manguddootaa

Akka manguddoonni Oromoo jedhanitti firas diinas taasifachuun kan nama rakkisu waa sadii qofa. Isaanis bishaan, amma ilmoo si harkaa nyaatee amma itti dhiqatta; abidda, amma mana si irratti gubee amma itti bilcheeffatta; hayyuu seeraa, amma seera sitti muree amma itti iyyatta. Kanarraa kan hafe, dhalli namaa sababa adda addaatiin yoo waldhabe, niaraarama.

Manguddoonni seera tumame irratti hundaa'anii namoota waldhaban walitti araarsu. Seera Oromoon tume keessaa inni angafti Seera Gumaati. Seera kana hojiirra oolchuu keessatti gaheen manguddoota Oromoo daran olaanaadha. Seerri gumaa akaakuu gumaa irratti hundaa'uudhaan hojiirra oola.

Akaakuu gumaa gosoota lamatu jiru. Isaanis, Dabaafi Danuudha. Namni tokko itti qophaa'ee eeggatee yoo lubbuu namaa baase yookaan qaama hir'ise miidhaan namichi geessise Daba jedhama. Gumaan inni baasus Gumaa Dabaati. Namni tokko nama biraa miidhuuf osoo hinkaroorfatin, osoo hojii hojjatuu yookaan bineensa adamsuu dogoggoraan yoo namni harkatti du'e yookaan qaamni miidhame gochaan namichaa Danuu jedhama. Gumaan Danuuf baasu ammoo Imimmoo jedhama. Lamaaniifuu kan ba'u loon yookaan qarshii ta'a.

Warra gumaa kanneen walitti araarsuu keessatti gahee filmaata hinqabne kan taphatan manguddoota Oromooti. Namni tokko yoo nama ajjeese firoottan nama du'ee aariidhaan gadoo qabatanii gumaa baafachuuf, nama fira isaanii ajjeese yookaan fira isaa ajjeesuuf gaadu. Kanaafuu, firoonni namicha ajjeesee Abbaa Bokkuu yookaan angafa manguddoo bira dhaqanii akka araara kadhataniif gaafatu. Jaarsoliinis margaafi biqila qabatanii gara warra firri jalaa du'ee dhaqanii seera gumaatiin akka ilaalamuuf ykn qabamuuf itti himatu. Warri firri jalaa du'e aaranii hinaraaramnu yoo jedhanis jaarsoliin

dhaabaanis, dhaaba malees, osoo hinnuffin deddeebi'anii kadhachudhaan warra miidhaman amansiisu.

Kana booda, Seera Gumaatiin walitti araarsuuf jaarsoliin warra gumaa lamman halaala kaa'anii, gidduu deddeebi'anii, dubbatanii raadaan akka araaraman taasisu. Warri firri jalaa du'e raadota baay'ee gaafatu. Jaarsoliinis "tole" jechaa malaan kadhatanii lakkoofsa raadotaa hir'isiisu. Namichi harki xuraa'e yoo qabeessa ta'ellee, kadhatee gumaa baasa malee qabeenya isaa hinkaffalu. Rakkina ulfaataa itti fida jedhamee waan amanamuuf, qabeenya gumaa kaffaluuf kadhate faayidaa dhuunfaa isaarra akka hinoolchines seera gumaatu dhorka.

Manguddoonni nuffii malee deddeebi'anii erga gumaa kennuun walii galamee booda bakka gara lammaniifuu giddugaleessa ta'e qarqara lagaatti akka dhufan kadhatu. Warri gumaas laga gamaafi gamanaan walitti dhiyaatu. Firri warra ajjeesee hoolaa xinnoofi namicha ajjeese fidanii dhufu. Angafti jaarsolii hoolaa firri warra ajjeesee fidan, fira namni jalaa du'eetti akka kennan taasisa. Fira nama du'ee keessaa inni dhiyoo (abbaa yookaan firri biraa) hoolicha qala. Dhiiga buusuun Oromoon dhiiga tokkoo; dhiigni dhiigaan hadhiqamu jechuudha. Hoolaa qalamte osoo gogaan irraa hinbahin garaa baqaqsanii jaarsi harka warra gumaa lamman mar'umaan hoolaa keessaan walqabsiisa. Hiikni isaa, mar'umaan tokkotu walajjeesee, aagii walii fudhannee garaa tokko hataanu jechuudha. Sirni kunis Kupha Baasuu jedhama.

Itti aansuun manguddoonni warri firri jalaa du'eefi warri ajjeese waadaa nagaa akka walii galan taasisu. Kana booda jaarsoliin, "Waaqayyoo rakkina akkasii nurraa haa qabu; araarri kun araara nagaa haata'u" jechuun, erga eebbisanii booda warri namni jalaa du'eefi warri ajjeese waliin haasa'uu jalqabu. Araaratu bu'e hamaaf walbarbaaduun hafe jechuudha.

Walumaagalatti, manguddoonni Oromoo Seera Gumaatiin warra gumaa walitti araarsanii hawaasicha gidduutti nagaa buusuudhaan beekamu. Araarri buunaan ammoo, nageenyatu ta'a. Nageenyi jiraannaan hojjatanii diinagdee biyyaa waliin guddisuutu danda'ama.

Gilgaala 7. Dubbisuu Booda

Dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'ii gaaffilee armaan gadii haala gaafatamteen barreessii deebisi.

1. Yaanni keeyyata 3^{ffaa} keessatti dhiyaate maali?
2. Yaada keeyyata 6^{ffaa} keessatti dhiyaate irraa maaltu baratamuu danda'a?
3. Ergaan waliigalaa dubbisa kanaa maali?
4. Barnoonni yookaan beekumsi dubbisni kun ni dabarsa jettee yaaddu maali?

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8. Xalayaa barreessuu

A. Xalayaa Dhuunfaa/al-idilee

Armaan gaditti fakkeenyi xalayaa dhuunfaa siif kennameera. Atis fakkeenya kana ilaaluun xalayaa hiriyaa keef barreessi.

Fakkeenya xalayaa dhuunfaa

L.S.Poostaa 43

Yunvarsiitii Jimmaa

Jimma

Adoolessa 18,2013

Obboleessa koo Boonsaa Lammiitiif,

L.S.P. ____

Mattuu

Hunda dura nagaan Waaqayyoo siif haabaay'atu. Atis maatiin keenya hundinuu nagaadhaa? Nagaa koo onneerraa maddetti aansee kanan jechuu barbaadu misoomni baranaa akkami? Midhaan sassaabamee, bunnis bu'ameeraa? Obboleessa koo adaraa hojii qofatti gortee ammoo barumsa kee akka hinlaaffisne. Barumsi dhaala sitti hafudhaatii jabaadhuu baradhu. Yoo baratte ofis fooyyessitee maatiikees gargaaruurra dabartee kan biyya guddisu taataa, barumsatti cimi. Obboleettiikoo Bilisees barattuu qacalee akka taatu qo'achiisi. Anis barumsa koo xumuraan jiraaatii qarshii akka naaf erganu jara keenyatti naaf himi. Kanarraa kan hafe ani nagaadhaa yaaddoo hinqabaatinaa jedhiin. Hanga nagaan walagarrutti nagaan naaf taa'i.

Obboleessakee

Eebbisaa Lammii

B. Xalayaa Hojii/Idilee

Armaan gaditti unkaan xalayaa hojii siif dhiyaateera. Itti aansuun, fakkeenya xalayaa hojii siif kennameerrati hundaa'ii atis mana barnootaa keef xalayaa hojii barreessi.

Unkaa Xalayaa Hojii

A. _____
B. _____
C. _____
D. _____

E . _____
F._____
G. _____
H. _____
1._____
_____
2._____
_____
3._____
_____
I._____
J._____

Ibsa: A. Maqaa nama/waajjira xalayaa barreessee

B. LSP nama/waajjira xalayaa barreessee

C. Biyya nama/waajjira xalayaa barreessee

D. Guyyaa xalayaan itti barreeffame

E. Nama/waajjira xalayaan barreeffameef

F. LSP nama/waajjira xalayaan barreessameefii

G. Biyya nama/waajjira xalayaan barreessameefii

H. Saaqaa xalayaa

1. Seensa xalayaa
2. Qaama xalayaa
3. Goolaba xalayaa

I. Cufaa xalayaa

J. Mallattoofi maqaa

Fakkeenya Xalayaa Hojii

Sanyii Eebbaa

LSP. 787

Mattuu

Guyyaa 07/10/2013

Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Mattuutiif

LSP._____

Mattuu

Kabajamoo Koree Qacarrii:

Beeksisa Waxabajjii 10, 2013 baastaniin barsiisaa muuziqaa tokko qacaruuf namoota fedhii, gahumsaafi dandeettii qaban dorgommiif afeeruun keessan niyaadatama.

Bu'uuruma kanaan barnoota muuziqaatiin digrii lammaffaa qaba. Ogummaa barsiisummaatiin ammoo tajaajila waggaa 14 qaba. Kana malees, dandeettii Afaan Oromootiin waliigaluu olaanaan qaba. Anis Kolleejjii kana keesstti yoon qaxarame fedhiin barsiisuudhaaf qabuufi dandeettiin muuxannoofi barnootaan argadhe walsimsiisee bu'aa gaarii nanbuusa jedheen yaada.

Kanaafuu, fedhii ani kolleejjii keessanitti barsiisummaadhaan qacaramuuf qabu hubattanii akka ragaa ani dhiyeeffadhe irratti hundaa'uun naqacartan kabajaan gaafachaa galma gahiinsa hawwii kootii akka naaf milkeessitan nanhawwa.

Nagaa Wajjin

Sanyii Eebbaa

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9. Hiika Galumsaa


A. Hiika jechoonni armaan gadii dubbisa olii keessatti qaban barreessi.

1. imimmoo _____
2. gaaduu _____
3. halaala _____
4. harka-qal'eessa _____
5. kupha baasuu _____

B. Haala fakkeenya siif kennameetiin jechoota jecha kenname waliin deemuu danda'an barreessi.

Fakkeenyaaf:

lubbuu



1. dhiiga 2. gadoo 3. qabeenya 4. gumaa 5. Seera

C. **Jechoota roga "A" jala jiraniifi kanneen roga "B" jala jiran akkaataa waliin deemuu danda'aniin walitti firoomsuun hiika addaa isaan kennuu danda'an barreessi**.

Fakkeenayaaf: Aannaniifi garaa = kan waliif tolu

A	B
1. farda	A. adaamii
2. irra	B. funyaan
3. afaan	C. lafa
4. dugda	D. garaa
5. dhadhaa	E. jala
6. luka	F. luqqeettuu
7. aannan	G. mataa
8. ija	

Barannoo 6: Caasluga

Gilgaala 10. Gochimoota Darboo

A. Gochimoota darboo armaan gadiin hima ijaari.

Fakkeenyaaf:

dhaabe = Hogganaan mana barnootaa keenyaa biqiltuu *dhaabe*.

1. ijaare
2. tikse
3. barreessite
4. dubbisan
5. waamsiste
6. danfise
7. oofe

B. Gochimoota darboo/darbeeyyii shan filachuudhaan hima ittiin ijaari.

BOQONNAA TORBA:ASOOSAMA DHEERAA

Bu'aalee Barachuu

Xumura barannoo boqonnaa kanaatti:


- yaadrimee asoosama dheeraa ni'ibsita;
- caacculee asoosama dheeraa adda baafatta;
- amaloota asoosama dheeraa addaan baafatta;
- qooddataa gooban-galeessaafi masaanuu addaan baafatta;
- amala qooddattoonni asoosama keessatti qaban nidinqisiifatta;
- asoosama bartapheetti jijjiiruun bifa diraamaatiin nidhiyeessita;
- seenessoo gabaabaa nibarreessita.


Barannoo 1: Yaadrimee Asoosama Dheeraa


Gilgaala 1. Hubannoo Asoosama Dheeraa

Gaaffilee armaan gadii kitaabilee yaadrimee asoosama dheeraa qaban dubbisuun hojjadhu. Sannan booda, gareen irratti mariyachuun dareef ibsaa.

1. Asoosamni dheeraan kan akkamiiti?
2. Asoosama dheeraa Afaan Oromoo kamfaa dubbistee beekta? Kitaaba asoosamaa tokko dubbistee xumuruuf yeroo hagamii sitti fudhate?
3. Wantoonni asoosama tokko dheeraa jechisiisan maal fa'i?
4. Kitaabilee asoosama dheeraa Afaan Oromoo gaditti kennaman keessaa kam dubbifte? Yoo kan dubbiste hinjiru ta'e maaliif?









Barannoo 2: Caacculee Asoosama Dheeraa

Gilgaala 2. Hubannoo caacculee asoosama dheeraa

A. Gaaffilee armaan gadii asoosama dheeraa tokko dubbisuun hojjadhu. Sanaan booda, gareen irratti mariyachuun dareef ibsaa.

1. Maqaan asoosama dheeraa dubbistee maali?
2. Namootni asoosamicha keessaatti yaadattu eenyu fa'i? Hariiroo akkamii qabu?
3. Maqaan waloo namoota sunneenii maali?
4. Asoosamni dubbiste maaliif barreeffame sitti fakkaata?
5. Gochoonni asoosamichaa yoomiifi eessatti raawwataman?

B. Caaccuulee asoosamaa saanduqa keessatti kennaman yaadrimee isaanii gaditti kennamaniin walitti firoomsi.

namfakkii	waldiddaa	seenaa
yoomessa	jaargocha	ija


1. Walitti bu'iinsa namfakkiilee asoosama keessaa.
2. Bakkaafi yeroo gochi asoosama keessatti raawwate.
3. Kallattii seeneffamni asoosamaa irraa himamu.
4. Taatee sababaan deggaramee asoosama keessatti dhiyaatu.
5. Sababa asoosamni tokko barreeffamuuf kan ibsu.
6. Maqaa waloo namoota asoosama keessaatti qooda fudhatanii.

C. Caaccuulee asoosamaa, asoosama dubbistee barreessuun ibsi.

Barannoo 3: Amaloota Asoosama Dheeraa

Gilgaala 3. Hubannoo Amaloota Asoosama Dheeraa

Madda barreeffama amaloota asoosama dheeraafi gabaabaa ibsu barbaaduun erga dubbistee booda odeeffannoo gabatee gadii guuti.



Barannoo 4: Qooddataa Gooban-galeessaafi Masaanuu

Gilgaala 4. Akaakuu qooddattootaa

A. Gaaffilee armaan gadii barreeffamoota akaakuu qooddattootaa ibsan dubbisuun hojjadhu. Booda, gareen mariyachuun dareef ibsaa.

1. Akaakuun qooddattootaa maal fa'i?
2. Garaagarummaafi walfakkeenyi qooddataa Gooban-galeessaafi Masaanuu jedhamanii maali? Gabatee gadii guutuun agarsiisi.

Garaa garummaa		**walfakkeenya**
Qooddataa Gooban-galeessa	**Qooddataa Masaanuu**	
Qooddataa muummicha seeneffama tokkoo	Qooddaataa faallaa qooddataa muummichaa	Lachuu qooddattoota
		`

B. Gaaffilee armaan gadii asoosama dheeraa dubbiste bu'uura taasifachuun deebisi.

1. Qooddataa gooban galeessi kami?
2. Wantootni qooddataa eerte gooban galeessaa taasisan maalfaa'i?
3. Qooddataa masaanuu kan jedhamu hoo kamfaa'i?
4. Wantootni qooddataa eerte masaanuu taasise maali?

Barannoo 5: Asoosama Bartapheetti Jijjiiruu

Gilgaala 5. Bartaphee Qopheessuu

A. Asoosama armaan gaditti dhiyaateef akkaataa fakkeenya kennameen kutaalee asoosamichaa 2-4 jiraniif bartaphee qopheessi.

Emaltuu

:Namni agadaa baala hinbeekneefi namni dubbii haala hinbeekne tokko", jedhan. Ani garuu, dur "Bishaan nijiisa; abiddi niguba' yoo jedhan malee dubbiin naa hingaltu ture. Warri durii gamna, "Dubbiin qolaa hinbahin qajeelchaaf tola, sammuu qara, dalagaaf kakaasa," jedhu. "Agadaa baalaan, dubbii haalaan" beekuun warra keenyaas ammana.

Kutaa I

Animmoo har'ayyuu agadaa hoffaan se'a, hoffaa agadaan se'a, ciniinee ilaalee garaan nanaha. Gad-deebii! naan jetti haati buddeenaa tiyya, gad na qoffaatee.

Emaltuu! yuu! (akka dubaraattan awwaadha). Kottu mee garbicha koo kana afaan naqachaa, isheen daaku abdachaa bishaan willeen naafidi! Kan aayyoon naa laatte afaanitti naqachaa, kan isheen shookkistu abdachaan laga ofbuusa. Shaanboon jira, soondoon bishaanii, ani garuu bishaan willeetti jennaan willee keessa qabadheen; willeen willuma se'een gilindisaa dhufa. Yoo ani dhufu aayyoon na'ifatti, "Willeen yoon jedhe willeen naa fiddaa? Gad deebii!" Naan jetti. Ani dubbiin naa hin galle. Yeroo isheen "Gad-deebii!" naan jettu, hamileen qilee nabu'a. Abootteefi taakkuuttan gad-deebi'a.

Kutaa II

Booda ammoo, “Waan siif maxinaa abbaan kees qoonqoon du’eeraa, gad ba’ii qoraan muka lama naa cabsii kottu,” naan jetti. Isa aayyoon naaf maxintu gammadaa dhaqeen qoraan goodaa keessaa muka lama qofa fuudhee dhufeen ‘kosh’ godha. Aayyoon yeroo qoraan muka lama qofa ta’uu agartu “Gad deebii, badi ijakoo duraa,” aartee waan aartu dhabdee qoraan muka lamaanuu narratti fixxee, gadi nadarbatti. “Silaawoo haadha buddeenaatii osoo haadha koo taatee akkas narukuttii” jedheen boo’ee, boo’ee itti dhiisa.Yoo ani midhaan lagadhe daaraan nanyaachisu. Diduuf mirga hinqabu, nyaachuuf sifa hinqabu. Sodaanan jiraadha. Du’a waamnaan duuti najibbe. Jireenyi kiyyoo taate. Ani “Kun agadaa, kun hoffaa” yoo naan jedhan malee dubbiin naaf hingaltu. Jaalala haadhaa yoo dhaban akkas raata’uu edaa!

Kutaa III

Aaboof marqaa marqitee doqqoo baaduutti naqamu qopheessuuf, “Gad ba’ii mimmixa ija tokko naa kuti” naan jette. Har’as Waaqa naganu dhaqeen mimmixa ija tokkittii lolloffadhee dhufa. Aayyoon qiraaciitti ramacii naqattee, mimmixa ani fide bubburuqsitee, hanga ani qufa’ee du’utti ukkaamsitee na’ulti. Dafqi illee lamaaniin nacitee akka jaarsa gaayyaa bakkisuu qakkee qufa’ee kil, kil, jedheen achiin hafa. Achii boo’ee, boo’een dhaqee rafa.

Aaboon oobdii keessaa daboo waliin midhaan sirbisiisa. Aayyoon ‘Emaltu’ naan jetti. Yuu, “Deemii malaan abbaa keetiin kottuu marqaa nyaadhu,” jedhiin. Fiigeen dhaqa.

Aaboo, Yee, “Malaan kottuu marqaa nyaadhu,” siin jette Aayyoon. Daboon natti kolfite. Aaboon shan keessaa cabe. Dhundhumatti galee nahee gad-taa’ee, ol ka’a. Ani giroo koo miti. Achii ka’ee qoorbii midhaan ittiin qoorba’uun dha’ee luqqeettuu nadabsa, yookiin gulubii na cabsa. Kun hinguddattu, guddattus nama hintaatu naan jetti warri daboo. Boo’aan gala. Aayyoon ‘waamtee?’ naan jetti. Waameeran jedha, waanan jedhee waamen itti hima. Irra deebitee dallaqxee nareebdi. Ofii dhaqxee Aaboo harkaan waamtee galti. Isheenoo gamnaa!

Kutaa IV

Aabboon mana boo’ichaa nafuudhee dhaqa. “Jabaadhu, gaddikee gadda keenyaa, haatikee haadha keenya turtee,” jedha namichaan. Gaaf kaan, niitiin obbo abaluu keenyaa duuti. Aaboo waliinan boo’a dhaqa. Obbo abaluu keenyaan, “Jabaadhu. gaddi kee gadda keenyaa, niitiin kees niitii keenya turtee,” yoon jedhu, dhiitanii gad nabaasan…

Bar-taphee

Fakkeenyaaf:

Kutaa I

Haadha - Emaltuu!

Emaltuu - Yuu!

Haadha - Kottu mee garbichakoo kana afaan naqachaa, isheen daaku abdachaa, bishaan willeen naafidi!

Emaltuu - Kan haati laatteef afaanitti naqachaa, kan isheen shookkistu abdachaa, osoo qodaan bishaanii guddaan jiruu, waan willeetti jedhameef willeedhuma xinnootti bishaan waraabee fide.

Haadha - Gaddeebii! (qodaa fooyya'aatti bishaan naa fida jettee eegaa turte. Emaltuun garuu gowwaa waan tureef willeedhuma xiqqoo tokkotti bishaan fide.

Emaltuu - Nahee, baay'ee gaddee qaamni isaa walitti shuntuura, hamileetu isa caba,

B. Bartaphee qopheessitan keessaa tokko filachuun gahee qooddachuudhaan bifa diraamaatiin dareetti agarsiisaa.

Barannoo 6. Seenessoo Gabaabaa Barreessuu

Gilgaala 6

A. Asoosama keeyyata 5-10 qabu erga barreessitee booda bartapheetti qoqqooduun agarsisi.
B. Bartaphee asoosama barreessitee hiriyoota keen walitti agarsiisuun bifa diraamaan dareef dhiyeessaa.

BOQONNAA SADDEET: MIIDIYAA HAWAASAA

Bu'aalee Barachuu

Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- barruu dhaggeeffachuun yaada isaa cuunfuun nidhiyeessita;
- yaada callaafi ijoo barruu dubbistee addaan nibaafatta;
- barreeffama amansiisaa sababaan deeggartee nibarreessita;
- jechootaaf hiika walfakkiifi faallaa haala galumsaan nikennita;
- akaakuu hennaa Afaan Oromoo addaan nibaafatta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Dhaggeeffachuun Dura

A. Dubbisa "Miidiyaa Hawaasaa" jedhu osoo hindhaggeeffatiin dura gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Miidiyaa hawaasaa kanneen jedhaman tarreessi.
2. Miidiyaan hawaasaa tajaajila akkam akkamii kenna sitti fakkaata?

B. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

1. miidiyaa 2. si'ataa 3. qaqqabamaa

Gilgaala 2. Yeroo dhaggeeffachuu

Barreeffama siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee armaan gadii akkaataa gaafatamtetti deebisi.

1. Miidiyaaleen hawaasaa odeeffannoo sirriifi haqa ta'e dabarsuu qabu.
   A. soba B. dhugaa
2. Miidiyaaleen hawaasaa addunyaa duraan walitti dhiyoo turte walirraa fageessa.
   A. soba B. dhugaa

3. Akka ragaan sadarkaa addunyaatti bara 2021 bahe ibsutti, namoota meeqatu interneetii fayyyadama?

   A. biliyoona 3 B. biliyoona 3.5 C. biliyoona 4.6 D. biliyoona 4.5

4. Ragaan bara 2021 akka ibsutti, addunyaarratti bilbila moobaayilii namoota meeqatu itti fayyadamaa jira?

   A. biliyoona 4.5 B. biliyoona 3.5 C. biliyoona 4.1 D. biliyoona 5.1

5. Bu'aa saayinsiifi teeknooloojiiti kan jedhaman maal fa'i?
6. Miidiyaaleen hawaasaa tajaajila akkam akkamii kennu?

Gilgaala 3. Dhaggeeffachuun Dooda

Barruu armaan olitti dhaggeeffatterraa yaada goolabaa qopheessii daree keef dhiyeessi.

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4. Marii Gaggeessuu

Gaaffilee armaan gadiirratti gareen marii gaggeessuun afaaniin dareef gabaasaa.

1. Miidiyaan hawaasaa yoo haala kamiin fayyadamne caalaatti faayidaa qabaata?
2. Miidiyaan hawaasaa yoo haala kamiin fayyadamne miidhaa qabaata?
3. Akka waliigalaatti ergaan dubbisa dhaggeeffattanii maali?

Barannoo 3: Dubbisuu



Gilgaala 5. Dubbisuu dura

A. Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate dubbisuun dura deebisi.

1. Fakkiilee armaan olii irraa maal hubatte?
2. Faayidaa isaan qaban maali?
3. Maqaa isaanii yoo beekte tarreessi.

B. Akaakuu miidiyaa hawaasaa armaan gadiitiin walqabatee beekumsa qabdu ibsi.

1. miidiyaa hawaasaa
2. feesbuukii
3. waasaappii
4. yuutuubii

Gilgaala 6. Yeroo dubbisuu

Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Argamni miidiyaa hawaasaa ilma namaaf bu'aa guddaa akkuma buusu, yoo sirnaan itti hinfayyadamne miidhan inni qaqqabsiisu olaanaadha. (soba/dhugaa)
2. Faayidaa miidiyaan hawaasaa qabu keeyyata meeqaffaa keessatti ibsame?
3. Miidhaa miidiyaan hawaasaa qabu keeyyata meeqaffaa keessatti ibsame?

4. Faayidaan miidiyaa hawaasaa maal fa'i?
5. Kanneen armaan gadii keessaa miidiyaa hawaasaa kan hintaane kamii?

   A. yuutuubii
   B. tuutarii
   C. feesbuukii
   D. waasaappii
   D. deebiin hinkennamne

6. Ameerikaan filannoo bara 2016 (ALA) gaggeessite keessatti rakkoon gama miidiyaa hawaasaan ishee qaqqabee ture maali?
7. Miidhaa miidiyaan hawaasaa geessisan keessaa lama barreessi.
8. Yaada ijoo keeyyata sadaffaa barreessi.

Faayidaafi Miidhaa Miidiyaa Hawaasaa

Wantoota wal-qunnamtii namootaa ariifachisaniifi fedhii namootaa guutuu keessatti gahee guddaa qaban keessaa tokko miidiyaa hawaasaati. Miidiyaa hawaasaa kanneen jedhamanis feesbuukii, tiwuutarii, yuutuubii, waasaappiifi kkf. Argamni miidiyaa hawaasaa ilma namaaf bu'aa guddaa akkuma buusu, yoo sirnaan itti hinfayyadamne miidhan inni qaqqabsiisu guddaadha.

Miidiyaan hawaasaa sirnaan yoo itti fayyadaman faayidaa adda addaa kenna. Tokkoffaa, walqunnamtiif ooluusaati. Fakkeenyaaf, namoota wal hinbeekne walbarsiisa. Fira walitti fida. Lammaffaan ammoo, odeeffannoo adda addaa bifa suuraatiin, sagaleen, suur-sagaleen yeroo gabaabaa keessatti qaqqabsiisa. Namoonni miidiyaa hawaasaa fayyadamuun sekoondii tokko keessatti wanta addunyaa keessa jiru hubatu. Akkasumas, miidiyaan hawaasaa namoonni beekumsa, hubannoo, quuqama, mudannoo isaaniifi kkf akka hubatan gochuu keessatti qooda olaanaa qaba. Kana malees, qophiiwwan dhuunfaa, maatii, hawaasaafi hiriyaa irratti bakkuma jiran

taa'anii akka hirmaatan taasisa. Kun ammoo, yeroofi baasii salphaa waan barbaaduuf miidhaa diinagdeef namootni akka hinsaaxilamne baraara.

Dabalataanis, miidiyaan hawaasaa akka madda beekumsaatti tajaajila. Kitaabilee adda addaa dubbisuun beekumsi akkuma argamu, kan karaa miidiyaa hawaasaa dhufus laayyoo miti. Miidiyaan hawaasaa sa'aatii 24 guutuu banaa waan ta'eef, odeeffannoo fedhan irraa argachuun nidanda'ama. Odeeffannoo barnootaa, saayinsii, teknooloojii, artiifi kalaqaa garagaraafi kkf. karaa miidiyaa hawaasaan gonfachuun nidanda'ama.

Gama birootiin, miidiyaan hawaasaa faayidaa akkuma qabu, yoo sirnaan itti hinfayyadamne, miidhaa inni qaqqabsiisu salphaa miti. Keessumaa, miidiyaan hawaasaa kanneen akka telegiraamii, feesbuukii, yuutuubii, tiwuuterii, wasaappiifi kkf. karaa dogoggoraan itti faayidamuun babal'achaa waan dhufeef, yaaddoo hawaasa addunyaa ta'aa dhufee jira. Fakkeenyaaf, oduu sobaafi jibbiinsaa facaasuun jireenya hawaasaa garmalee hunkura. Oduu sobaafi haasaa jibbiinsaa faca'uun walitti bu'iinsi amantii, sabaa, hawaasaafi nama dhuunfaa gidduutti akka uumamu taasifamaa jira. Oduu sobaa karaa miidiyaa hawaasaa faca'uun lubbuun namootaa akka darbu, qabeenyi akka manca'u, namoonni qabeenyaafi qe'ee isaanii irraa akka buqqa'an taasisa.

Miidhaa miidiyaan hawaasaa qabuun walqabatee akka fakkeenyaatti kan ka'u filannoo pirezidaantummaa waggaa muraasa dura biyya Ameerikaatti gaggeeffamee ture ilaaluun nidanda'ama. Oduu sobaa karaa miidiyaa hawaasaan tamsa'aa tureen Ameerikaan filannoo bara 2016 ALA gaggeeffameen qormaata guddaa keessa seentee turte. Osoo filannichi hineegalamiin ummanni karaa miidiyaa hawaasaan oduu sobaa afarfamaa tureen jeeqamaa turuun yaadannoo yeroo dhiyooti. Kun ammoo, miidiyaan

hawaasaa akkuma faayidaa qabu, miidhaa isaas adda baasanii hubachuu dhabuurraa madda.

Walumaagalatti, miidiyaan hawaasaa faayidaas miidhaas niqaba. Faayidaa isaa keessaa muraasni odeeffannoo waayitaawaa addunyaarratti raawwatame yeroo gabaabaa keessatti argachuu danda'uu, beekumsa kan irraa argatan tahuu, karaa salphaa taheen namaafi nama biyyaafi biyyafi kkf walqunnamsiisuu danda'uu isaa akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama. Miidhaan isaa ammoo, oduu sobaafi haasaa jibbiinsaa facaasuun walitti bu'iinsiifi jibbiinsi namaafi nama gidduutti, amantiifi amantii gidduutti, biyyaafi biyya gidduutti akka uumamu taasisuu isaa kaasuun nidanda'ama. Kana malees, yeroo gubuun rakkoo adda addaaf nama saaxila. Kanaafuu, namni kamiyyuu faayidaafi miidhaa miidiyaa hawaasaa beekuun karaa sirrii taheen itti fayyadamuun barbaachisaadha.

Gilgaala 7. Dubbisuu Booda

A. Yaada sirrii tahe "dhugaa" kan sirrii hintaane "soba" jechuun deebisi.

deebisi.

1. Miidiyaan hawaasaa faayidaa hedduu waan qabuuf miidhaa isaaf dhiphachuun hinbarbaachisu.
2. Faayidaafi miidhaa miidiyaa hawaasaa beekuun itti fayyadamuun nama gargaara.
3. Miidiyaan hawaasaa jireenya hawaasaa hunkuruu nidanda'a.
4. Miidiyaan hawaasaa wal-qunnamtii namootaa ariifachisa; fedhii namootaa guutuu keessattis gahee guddaa qaba.

5. Miidiyaan hawaasaa yoo sirnaan itti hinfayyadamne oduu sobaa tamsaasuun walitti bu'iinsa uumuu nidanda'a..

B. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Faayidaa miidiyaa hawaasaa ilaalchisee kan sirrii hintaane filadhu.

   A. fageenyi nidaangessa

   C. jireenya hawaasummaa dhorka

   B. Amantiidhaan adda baasa

   D. hunda

2. Miidiyaalee hawaasaa ilaalchisee kan sirrii tahe kami?

   A. odeeffannoo feenu ni'arganna.

   C. burqaa beekumsaati.

   B. oduu sobaa facaasuuf humna guddaa qaba.

   D. hundi deebiidha.

3. Miidhaa miidiyaa hawaasaa kan hintaane kami?

   A. haasaa jibbiinsaa facaasuuf humna qabaachuu

   B. odeeffannoo waayitaawaa yeroo gabaabbaatti argamsiisuu

   C. namoota gidduutti shakkiifi waljibbiinsa uumuu

   D. deebiin hinkennamne.

C. Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mariyachuun afaaniin dareef gabaasaa.

1. Yeroo ammaa miidiyaan hawaasaa haala kamiin yaaddoo addunyaa tahaa dhufe?

2. Miidiyaan hawaasaa miidhaa isaa moo faayidaa isaatu caala? Maaliif?
3. Miidhaa miiidiyaan hawaasaa geessisu akkamitti hambisuun danda'ama?
4. Faayidaa miidiyaan hawaasaa siif kennu akkamitti ibsita?

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8. Barruu Amansiisaa

A. Barruu amansiisaa armaan gadii dubbisuudhaan akkaataa ijaarama isaa hubadhu.

Mata duree: Jimaa Qama'uu

Keeyyata seensaa

- Ilaalcha namoonni jimaa qama'an qaban
- Yaada hubatamuu qabu

Keeyyata qaamaa

- Miidhaa adda addaa dhala namaarra geessisuu,
  - araada hamaaf saaxiluu.
  - dhiibbaa dhiigaafi dhukkuba onneef nama saaxila.
  - dhukkuba sukkaaraa namatti fida.
  - dhukkuba tiruufi kalee akkasumas, kaanseriin afaaniifi dhiigaa namatti fiduu
  - sirna walhormaataa miidhuu.

Keeyyata Goolabaa

- Yaada cuunfaa
- Yaada fudhatamuu qabu (kallattii hordofamuu qabu).

Miidhaa Jimaa Qama'uun Qabu

Namonni tokko tokko jimaa qama'uun faayidaa guddaa qaba jedhanii yaadu. Akka amantaa isaaniitti jimaan, nisissi'eessa; nibashannansiisa; nigammachiisa jedhu. Kanarraa kan ka'e, ganamaafi galgala yommuu qama'an mul'atu. Dhugaan jiru garuu, kana miti. Jimaa qama'uun faayidaa isaarra miidhaa isaatu caala.

Miidhaa jimaa qama'uun nama irraan ga'u hedduu keessaa kan fayyaadhaan walqabatu qofa tarreessuun nidanda'ama. Isaan keessaa tokko araadaaf nama saaxiluudha. Namni araada jimaatiin qabame ammoo, yeroo sanatti yoo dhabe bowwuu mataatiin rakkata. Yoo argatee qama'es, dhibeewwan akka dhiibbaa dhiigaa, dadhabbii onnee, sukkaaraa, tiruufi kaansarii afaaniifi dhiigaatiif saaxilama. Dabalataanis, sirni walhormaataa isaa miidhamuu danda'a; fedhii saalqunnamtii isaatis nihirrata. Kun ammoo, gaa'elli akka jeeqamu godha.

Walumaagalatti, jimaa qama'uun faayidaa isaarra miidhaa isaatuu caala. Miidhaa fayyaa namarraan gahuu bira darbee keessumattuu, dargaggeeyyii humna oomishaa ta'an miidhuun guddina diinagdeen biyyaa akka miidhamu taasisa. Garuu, namoonni hedduun dhugaa kana hubachuu dhabuun jimaa qama'uun ofis, maatiifi biyya miidhaarra buusu. Kanaafuu, dhaloonni jimaa qama'uu irraa of qusachuu qaba.

B. Odeeffannoo gaditti kenname fayyadamuun **Miidiyaan hawaasaa faayidaa malee miidhaa hinqabu** jedhurratti yookaan **Miidiyaan hawaasaa miidhaa malee faayidaa hinqabu** jedhu keessaa tokko filachuun barruu amansiisaa barreessi.

Miidiyaan Hawaasaa Faayidaa Malee Miidhaa Hinqabu	**Miidiyaan Hawaasaa Miidhaa Malee Faayidaa Hinqabu**
- Namoota wal hinbekne wal barsiisa - Fira walitti fida - Odeeffannoo adda addaa waayitawaa tahe argamsiisa - Baasii salphisa - Madda beekumsaati	- Oduu sobaa facaasa - Jibbiinsa uuma - Nama, amantiifi saba walitti buusa - Lubbuun namaa akka badu sababa taha - Qabeenyi akka manca'u taasisa - Shakkii facaasa - Walamantaa dhabsiisa

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9. Hiika walfakkiifi hiika faallaa

A. Jechoota roga 'A' jala jiran hiika walfakkii isaan dubbisa keessatti jechoota roga 'B' jalatti qabaniin walitti firoomsi.

	A	**B**
1.	quuqama	A. oolchuu
2.	qooda	B. salphaa
3.	baraaruu	C. dhimmama
4.	buusuu	D. fayyaduu
5.	facaasuu	E. sodaa
6.	laayyoo	F. gahee
7.	yaaddoo	G. ammee
8.	wayitaawaa	H. tamsaasuu

B. Jechoota armaan gadii roga "B" jala jiran kanneen roga "A" jala jiraniin hiika faallaa isaanii walitti firoomsi.

"A"	**"B"**
1. deeggartoota	A. ittisuu
2. dabarsuu	B. tasgabbeessa
3. saaxilamuu	C. jiraachuu
4. hunkura	D. mormitoota
5. buqqa'uu	E. shakkisiisaa
6. amansiisaa	F. tasgabbii
7. jeequmsa	G. baraaramuu

C. Jechoota armaan gadiif hiika faallaa isaanii barreessi.

1. molqe _____
2. qulqulluu _____
3. jajallaa _____
4. dhorkuu _____
5. suphuu _____
6. miidhuu _____.

Barannoo 6: Caasluga

Gilgaala 10. Akaakuuwwan Hennaa

A. Hennaan, yeroo gochi tokko itti raawwatame kan mul'isudha. Hennaan akaakuu sadiitu jiru. Isaanis, Darbeennaa, Ammeennaafi Duranaadha.

a. Darbeennaa: Gocha yeroo darbee kan agarsiisudha.

Fkn. Mootiin mana barnootaa deeme.

Mootiin mana barnootaa deemee ture.

Mootiin mana barnootaa deemaa ture.

b. Ammeennaa: Gocha yeroo ammaa raawwatamu agarsiisa.

Fkn. Mootiin mana barnootaa deema.

Mootiin mana barnootaa deemee jira.

Mootiin mana barnootaa deemaa jira.

c. Duranaa : Gocha gara fuulduraa raawwatamu agarsiisa.

Fkn. Mootiin mana barnootaa deemuufi.

Mootiin mana barnootaa deemuuf jira.

Mootiin mana barnootaa nideema ta'a.

B. Hennaa himoota armaan gadii darbeennaa, ammaannaa yookaan duranaa jechuun adda baasi.

Fkn. Tolaan hojmanee hojjate. = darbeennaa

Tolaan hojmanee hojjata. = ammeennaa

Tolaan hojmanee hojjachuufi. = duranaa

1. Oromiyaan godinaalee adda addaa qabdi.

2. Abdiin xalayaa barreessaa jira.
3. Caaltuun gabaa deemte.
4. Galgala TV daawwachaa ture.
5. Yeroo ani mana barnootaa ga'u, barattoonni daree seenaniiru.
6. Ani kophee bitachuufan jira.
7. Mana barnootaa nideemti ta'a.
8. Inni konkolaataa oofaa ture.
9. Isheen Roobee deemuuf jirti.
10. Inni asoosama dubbisuu jaallata.
11. Yeroo ani Bushooftuu ga'u, isheen Finfinnee deemtee turte.
12. Abdiin daandii deemaa jira.
13. Ani nan dhufa ta'a.
14. Boontuun raftee jirti.
15. Tulluun huccuu bitate.

A. Hima ammeennaa, darbeennaafi duranaa lama lama barreessi.

Ammeennaa

1. _____

2. _____

Darbeennaa

1. _____

2. _____

Duranaa

1. _____

2. _____

BOQONNAA SAGAL: HOJII UUMMACHUU

Bu'aalee Barachuu

Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- waan dhaggeeffattan irratti hundaa'anii gaaffilee gaafataman nideebista;
- ilaalcha kee sababaan deeggaruun ni'ibsita;
- barruu dhiyaate dubbisuun jamaa barreeffameef adda nibaafatta;
- hiika jechoota haaraa haala galumsaatiin nitilmaamta;
- gochimoota raawwimaafi taasimaa (active and passive verbs) hima keessatti nifayyadamta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Gigaala 1: Dhaggeeffachuun Dura

A. Gaaffilee armaan gadii dhaggeeffachuun dura deebisi.

1. Abalu hojii qaba, abalu ammoo hojii hinqabu jedhanii namoonni yeroo dubbatan dhageessee beektaa? (eeyyee/ lakki)
2. Hojii hinqabu jechuun maal jechuu sitti fakkaata? Ibsi.
3. Namoota hojii dhuunfaa isaanii uummatanii qaban naannoo keetii beektaa? Maalfaa hojjatu?

B. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

1. dureessa 2. carraa 3. hirkattummaa 4. hoggana

Gilgaala 2: Yeroo Dhaggeeffachuu

Gaaffiilee armaan gadii barreeffama siif dubbifamu dhaggeeffachaa haala gaafatamteen deebisi.

1. Hojii ofii uummachuurra qacaramanii hojjachuun filatamaadha. (dhugaa/soba)
2. Galiin qacaramanii hojjachuudhaan argatan _____.

   A. hedduudha B. muraasa C. quubsaadha D. faayidaa hinqabu
3. Hojii uummachuuf wantoonni murteessoo ta'an maalfaadha?

   A. ofitti amanamummaa qabaachuu

   B. hirkattummaa keessaa bahuuf murtoo godhachuu

   C. beeksisa hojii hordofuu

   D. D. Afi B

Gilgaala 3: Dhaggeeffachuun Booda

Gaaffiilee armaan gadii dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun yaada mormii yookaan deeggarsa kee sababaan dhiyeessi.

1. Qacaramanii hojjachuurra hojii uummachuun fedhii ofii guuttachuu nama dandeessisa.
2. Hojii dhuunfaa hojjachuurra qacaramanii hojjachuutu hiyyummaa jalaa nama baasa.
3. Hojiin uummatanii hojjachuunis qacaramanii hojjachuunis tokkuma.

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4. Falmii Gaggeessuu

Yaada deeggartan irratti hundaa'uudhaan garee lamatti qoodamaatii falmii geggeessaa.

Yaada falmii

Hojii uummachuu moo qacaramanii hojjachuu wayya? Maaliif?

Hubachiisa

Osoo hinjalqabin:

- Yaadolee ittiin amansiistan gurmeeffadhaa.
- Ragaaleen dhi'eessitan qabatamoo ta'uu qabu.
- Ragaaleen yemmuu dhi'eessitan jechoota seensaa kanneen akka kabajamoo abbaa murtii, akka falmtoonni keenya amananitti, haalli amma keessa jirru, wanti addunyaa jabanaa barbaadu, kkf.
- Falmitanii moo'uu keessaniif ragaaleen isin dhi'eessitan ga'ee akka qaban hindagatin.

Barannoo 3: Dubbisuu

Gilgaala 5. Dubbisuun Dura

A. Gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi

1. Dubbisa mata dureen isaa "Ahmad Hasan Sukkaaree" jedhu irraa maal baratta sitti fakkaata?
2. Hojiin uummachuun maali?
3. Namoonni yoo maal ta'an hojii uummatu?

4. Hojii uummachuuf wantoonni barbaachisan maalfaadha?

B. Hiika jechoota kanneenii tilmaami

1. garaajii 2. dhawaata 3. maashina

Gilgaala 6. Yeroo dubbisuu

Odeeffannoo dubbisa itti aanee jiru dubbisuudhaan argattu irratti hundaa'uudhaan gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Ahmad Hasan Sukkaaree aanaa _____ dhalate?
2. Ahmad Hasan Sukkaaree bara kam dhalate?
3. Ahmad Hasan Sukkaaree barnoota isaa maaliif addaan kute?
   A. Maatii harka qalleeyyii waan ta'aniif
   B. Mana barnootaa dhi'oodhaa waan dhabeef
   C. Hojii dhuunfaa hojjachuu waan barbaadeef
   D. Fedhii barnootaa waan hinqabneef
4. Hojiin Ahmad Hasan Sukkaaree kan jalqabaa maal ture?
   A. Konkolaachistummaa
   B. Gargaaraa konkolaachistummaa
   C. Gaaraajii keessa hojjachuu
   D. Maashina kalaquu
5. Ahmad Hasan Sukkaaree hojii kalaqaatiin mirga abbummaa kan argate yeroo tokkoo oli. (dhugaa/soba)

Ahmad Hasan Sukkaaree



Addunyaa irratti namoonni hojii uummachuudhaan jireenya dhala namaas ta'ee kan ofii fooyyeesan muraasa. Akka biyya keenyaatti kanneen beekaman keessaa tokko Ahmad Hasan Sukkaareeti. Ahmad, abbaa isaa Hasan Sukkaareefi haadha isaa Aashaa Jaatanii irraa godina Gujii Lixaa, Aanaa Dugda Daawwaatti bara 1950 dhalate. Barnoota isaa hanga kutaa saddeetitti (1-8) achumatti barate.

Sababa manni barnootaa sadarkaa lammaffaa naannoo dhaloota isaatti dhiyoo hinturreef, barnoota isaa addaan kutee hojii adda addaa hojjachuu eegale. Dursa, gargaaraa konkolaachisaa ta'uudhaan jalqabe. Boodarra ammoo, gara konkolaachistummaatti taakke (darbe). Isas dhiisuudhaan ogummaa garaajii barachuuf fedha horate: nibarates. Achumaan gaaraajii ofii isaa banatee hojjachuu eegale. Dhawaatuma dhawaataan gara industiriitti guddifate.

Kana booda, akkaataan itti Ahimad beekamtii argate guddoo nama ajaa'ibsiisa. Bara 2004 maashina buna dhiqu kalaquudhaan doktoroota dabalatee namoota hojii walfakkaataa 598 qabatanii akka biyyaatti qophaa'an wajjin dorgommiitti dhiyaate: nimoo'e. Sadarkaa biyyaatti tokkoffaa bahuudhaan beesee guddaa badhaasame. Dabalataanis, hojii bifa addaatiin hojjate kanaaf waraqaa ragaa

mirga abbummaa kalaqaa ibsu Ministeera Saayiinsiifi Teeknoloojiirraa fudhate. Waajjiraaleefi dhaabbiilee adda addaa irraas waraqaalee ragaa adda addaa yeroo adda addaatti argateera.

Kunimmoo, hujii isaa daran akka babal'isu taasisuun milkaa'ina caaluuf akka dhaqqabu gargaareera. Turmaata waggootii muraasaa keessattis maashinii buna dhiqame boollaa baasee siree irratti afu, kalaquudhaan mirga abbummaa dabalataa argate. Kana malees, Ahmad nama beekumsa isaa lammiilee isaatiif qoodu ta'uu hojiilee mirkaneessan dhuuga hojjatee jira. Tokkoffaa, ilma isaa kan ta'e Kaamil waliin waa sadi kalaqee beekamtii ittiin argatee jira. Isaanis maashina dhagaa warqee daakuufi warqee dhiqu, maashina garbuufi boqqoolloo irraa qola baasufi baabura midhaan daaku maqaa dha'uun nidanda'ama. Lammaffaa, Yuunivarsiitii Bulee Horaa faana walii galtee uumuudhaan barsiistotaafi barattootaaf deeggarsa ogummaa kennaa jiru; waliin hojjachuudhaanis maashina buna irraa quttoo kaasuu kalaqanii jiru.

Akkasumas, Ahmad maashinoonni isaa kunneen qaamolee hawaasaa gara garaa bira akka ga'aniif, waan baay'ee hojjatee jira. Maashinoota buna dhiqan 90 ol namoota hojii oomisha bunaa hojjatan bira ga'ee jira. Kanneen dhagaa warqee daakan 36 ammoo, waldaalee dargaggootaa 32 ta'an biraan dhaqqabsiisee jira. Kana taasisuudhaan hojiin namoota baayyeedhaaf dadhabsiisaa ture akka salphatu taasisee jira. Ofii isaatiifis gurgurtaa maashinoota kanneenii irraa galii guddaa argachuu danda'ee jira. Fakkeenyaaf, maashinoota isaa keessaa kan buna dhiqu tokko gara qarshii 700,000tti gurgurachaa jira.

Walumaagalatti, karaan jireenyaa tokko yemmuu cufamu kan biraa barbaaduun milkaa'ina caalutti akka nama ceesisu seenaa kana irraa hubachuun nama hindhibu. Ahmad karaalee milkaa'ina jireenyaa sadarkaa xiqqaa kaasee yaaluun gara hujii jijjiiramaatti ce'uu danda'eera.

Maashinoonni bu'aa hojii kalaqaa isaas rakkoolee qabatamoo oomisha bunaafi warqee danqan furuun oomishtummaa daran dabaleera. Namoonni haalaaf gabroomuu didan, ciminaan yoo hojjatan haala gabroomfachuu akka danda'an hojii kana irraa hubachuun nida'ama. Rakkoolee yeroo, humnaafi baasii guddaa gaafatan furuun ammoo hojii ummachuu qofa osoo hintaane, guddina biyyaa saffisiisuu keessattis bakka guddaa qaba.

Gilgaala 7. Dubbisuu booda

Hubannoo dubbisa dubbistee horatte irratti hundaa'uudhaan gaaffilee itti aananii jiran deebisi.

1. Namoonni akka seenaa Ahmad Hasan Sukkaaree fakkaatu qaban naannoo kee jiruu? Yoo jiraatan haala kamiin akka walfakkaatan dareedhaaf ibsi.
2. Seenaa Ahmad Hasan Sukkaaree irraa maal baratte?
3. Akka keetti namni hojii uummachuu danda'uudhaaf barnoota idilee hanga sadarkaa kamiitti barachuu qaba? Maaliif?
4. Dandeettiin meeshaalee adda addaa kalaquu kennaa Uumaa moo, barnootaan argama jetta? Maaliif?

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8. Cuunfaa dubbisaa barreessuu

Qabxiilee armaan gadii xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan suuraalee bu'aa hojii kalaqaa Ahmad Hasan giddugaleeffachuun keeyyata tokko yoo xiqqaate kan himoota saddeet qabu barreessi.

- Yaada ijoo keeyyattoota dubbisa olii bu'uureffachuu
- Hima ijoo keeyyata barreessituu kaa'achuu
- Yaadolee callaa hima ijoo ibsan adda baafachuu
- Hima goolabaa qabaachuu mirkaneeffachuu



Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9. Hiika Galumsaa

Jechoota himoota gadii keessatti mirgadeeffamanii barreeffamaniif hiika kan galumsaa ta'u filadhu.

1. Farraafi ***faroo*** abbaatu ilaallata jedha Oromoon.
   a. gadadoo b. qaroo c. milkii d. morkii
2. Hojiin kalaqaa hiyyummaa ***hamburuun*** gara milkaa'inaatti nama ceesisa.
   a. balleessuun b. hambisuun c. dhabamsiisuun d. hunda

3. Rakkataa gargaaruun ***baalchummaa*** namaa mul'isa.
   a. qulqullummaa b. gootummaa c. arjummaa d. durummaa
4. Hojiin kalaqaa Ahmad barnoota ammayyaa malee hojjate ***guddoo*** na boonse.
   a. baay'ee b. furdoo c. haalaan d. 'a'fi 'c'
5. Nama fedhii hojii uummachuu qabu, ***beesee*** muraasa qabaachuun hindaangessu.
   a. humna b. maallaqa c. hiriyaa d. fira
6. Hojii kalaqaa beeksisuuf, bu'aalee saayinsiifi teekinolojii ***gula*** deemuun murteessadha.
   a. faana b. malee c. dura d. cina
7. Namni ga'umsa beeku, ka'umsa ***dedhuu*** hinqabu.
   a. fedhuu b. wallaaluu c. dagachuu d. baqachuu
8. Milkaa'ina hojii ummachuu keessatti deeggarsi ***qaamolee*** adda addaa murteessaadha.
   a. miseensa b. kutaalee qaamaa c. namootaafi dhaabbilee d. hunda
9. Namni waan xiqqaa harkaa qabu jabeeffatetu gara waan guddaatti ***taakka***.
   a. ce'a b. tarkaanfata c. deema d. 'a'fi 'b'

Barannoo 6: Caasluga

Gilgaala 10. Gochimoota raawwimaafi taasima

A. Fakkeenya siif kenname irratti hundaa'uudhaan himoota gochimoota raawwimaafi taasima qaban adda baasi.

Fakkeenya,

a. Tolaan farda bite. = raawwima
b. Mukni murame. = taasima

1. Leensaan kaleessa qoramte.
2. Leenci bosonuu nyaate.
3. Bosonuun nyaatame.
4. Caalaan bara darbe dorgome.
5. Ahmad Hasan Sukkaaree badhaasame.
6. Abdiisaan garmalee dheekkame.
7. Kitaabni guddaan tokko maxxanfame.
8. Roobni reefu caame.
9. Hattuun tokko barana hidhame.
10. Kumeen torbee dhufutti waamamte.

B. Gochimoota himoota itti aananii jiranii gara taasimaatti jijjiiri.

Fakkeenya,

Soorettiin gundoo hodhite. (raawwima)

Gundoon hodhame. (taasima)

1. Barataan hojmanee hojjate.
2. Ahmad maashinoota kalaqe.
3. Ministeerichi waraqaa ragaa kenne.
4. Obboleessi Caaltuu mana ijaare.
5. Kan miidhe, dhiifama gaafate.

C. Gochimoota himoota itti aananii jiranii gara raawwimaatti jijjiiri.

Fakkeenya,

Irreechi kabajame. (taasima)

- Ani/Inni Ieerrcha kabaje. (raawwima)
- Nuti Ieerrcha kabajne. (raawwima)
- Ati/Isheen Irreecha kabajje. (raawwima)
- Isin Irreecha kabajjani. (raawwima)
- Isaan Irreecha kabajani. (raawwima)

1. Kitaabni kenname.
2. Kafaltiin dabalame.
3. Shaggooyyeen sirbame.
4. Waaqni galateeffame.
5. Kallattiin kaa'ame.

D. Himoota gochimoota raawwimaafi taasima of keessaa qaba shan shan barreessuudhaan dareedhaaf dubbisi.

JECHIBSOO

Jecha	Ibsa
Aantima	Kan mathimni tokko irratti raawwate jechuudha
Aantima	Kan mathimni tokko irratti raawwate jechuudha
Aggaamsa	Ergaa haala qabatama dubbisa keessa jiruu (inferential meaning)
Aggaamsa	Ergaa haala qabatama dubbisa keessa jiruu (inferential meaning)
Akkayyaa	Fakkaattii yookaan modeela
Akkayyaa	Fakkaattii yookaan modeela
Caacculee asoosamaa	Caacculee asoosamaa kanneen jedhaman: jaargocha, namfakkii/qooddattoota, waldiddaa, yoomessa, ergaa ykn dhaamsaafi kkf.
Caacculee asoosamaa	Caacculee asoosamaa kanneen jedhaman: jaargocha, namfakkii/qooddattoota, waldiddaa, yoomessa, ergaa ykn dhaamsaafi kkf.
Cigoo	Jechama (jecha yookaan gaalee hiika lama qabu)
Cigoo	Jechama (jecha yookaan gaalee hiika lama qabu)
Ciigoo	Dubbii dacha soorgoofi sookoo kan qabu yookaan

	dubbii ifaafi dhokataa kan qabu.
Ciigoo	Dubbii dacha soorgoofi sookoo kan qabu yookaan dubbii ifaafi dhokataa kan qabu.
Fayyadama jechaa	Hiika jechootaa kallattiifi alkallattii, hiika galumsaa, hiikaa fakkaattiifi faallaafi kkf gargaaramuu jechuudha.
Fayyadama jechaa	Hiika jechootaa kallattiifi alkallattii, hiika galumsaa, hiikaa fakkaattiifi faallaafi kkf gargaaramuu jechuudha.
Gocha Taasifamaa	Gochima mathima irratti raawwate kan agarsiisu
Gocha Taasifamaa	Gochima mathima irratti raawwate kan agarsiisu
Gochaa Raawwima	Gochima waan mathimni raawwate kan agarsiisu
Gochaa Raawwima	Gochima waan mathimni raawwate kan agarsiisu
Hennaa	Yeroo gochi tokko itti raawwate kan ibsudha
Hennaa	Yeroo gochi tokko itti raawwate kan ibsudha
Hiika galumsaa	Hiika jechoonni yoomessa adda addaa keessatti qaban
Hiika galumsaa	Hiika jechoonni yoomessa adda addaa keessatti qaban

Hojimanee	Hojii barattoonni mana isaaniitti fudhatanii galuun hojjetanii dhufan
Hojimanee	Hojii barattoonni mana isaaniitti fudhatanii galuun hojjetanii dhufan
Irraanaa	Ergaa qabatamaadhaan dubbusa keessa jiru (literary meaning)
Irraanaa	Ergaa qabatamaadhaan dubbusa keessa jiru (literary meaning)
Jecha	**Ibsa**
Mathima	Hima tokko keessatti abbummaa kan qabu ykn mataa hima sanaa jechuudha.
Mathima	Hima tokko keessatti abbummaa kan qabu ykn mataa hima sanaa jechuudha.
Mirgadeeffamuu	Qubeelee qallatanii akkasums gara mirgaatti duufanii ykn jallatanii baarreeffamanidha.
Mirgadeeffamuu	Qubeelee qallatanii akkasums gara mirgaatti duufanii ykn jallatanii baarreeffamanidha.
Quttoo	Awwaara (ukkee)
Quttoo	Awwaara (ukkee)

Sabbooqa	Jecha, gaalee yookaan sarara walaloo ciigoo keessatti hiika kallattiifi dhokataa (soorgoofi sookoo) qabu.
Sabbooqa	Jecha, gaalee yookaan sarara walaloo ciigoo keessatti hiika kallattiifi dhokataa (soorgoofi sookoo) qabu.